

Tarsiimoolee Sirnaawoo Adeemsa Barnoota Afaan Oromoorratti
‘Systemic Strategies in the Process Afaan Oromoo Education’

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa¹

Axeerara

Kaayyoon waraqaa kanaa tarsiimoolee Ministeerri Barnootaa Itoophiyaafi Biiron Barnootaa Oromiyaa barnoota Afaan Oromoorratti itti fayyadaman ibsuudha. Kaayyoo kana milkeessuuf, ragaaleen maddeen jalqabaafi 2^{ffaa} akkaayyoodhaan filatamanirraa marii garee xiyyeeffannoo, afgaaffiifi xiinxala dokimentiitiin funaanaman. Ragaaleen funaanamanis ibsamuun dhaabbileen barnootaa lamaan barnoota afaanicharratti tarsiimoolee xiqqeessaa ‘Minoritizing’, bayyaannachiisaa ‘De-minoritizing’ fi itti ladachiisaa ‘Re-minoritizing’ fayyadamuun isaanii adda bahee jira. Tarsiimoo xiqqeessaan bara 1991 dura Afaan Oromoo galmoo alidilee keessattii ittisuuf Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa dhimma itti bahe. Tooftaan kun ilaanya (Ideology) ‘Afaan tokkoo-uummata tokko - biyya tokko,’ jechu bu’uureffata. Tarsiimoon bayyaannachiisaan ammoo barnoota Afaan Oromoo hubaatii irra gaherraa fooyyessuuf karoora bahee hojiirra ooledha. Qabsaa’onni, ogeeyyiifi hooggantoonni kutannoofi gahumsa qabaniin tarsiimoo kanatti fayyadamuun barnoota afaanicha sadarkaa amma irra jirurraan gahan. Tarsiimoon itti ladachiisaa ammoo barnoonni afaanichaa deebi’ee akka xiqqaatuuf tooftaa sirnaawaadha. Tarsiimoon itti ladachiisaa Afaan Oromoo akka afaanota ambaatti (Ormaatti) akka baratamu taasisuunfi qancarsaafi quucarsa sirnaawaa irratti raawwachuuf caayaa ta’e. Caayaan kun imaammata barnootaa Itoophiyaa kan afaan abbaa kutaa jahatti daangessu fiixaan baasuun afaanicha tuuta xiqqaa ‘subset’ Afaan Amaaraa taasisuuf tooftaa qophaa’edha. Kun ammoo, eegumsa ‘expectation’ uummatichi barnoota Afaan Oromoofi guddina afaanichaatiif qaburraa adda waan ta’eef, akka inni mootummaarraa amantaa dhabu taasisa. Gaalchoon ‘implication’ tarsiimoo xiqqeessaafi itti ladachiisaatti fayyadamuu Oromummaan akka hinbayaannanne taasisuun ilaanya Itoophiyummaa akka duriitti deebisuudha. Gaalchoon tarsiimoo bayyaannachiisaa fayyadamuu ammoo ilaanya daneessummaa jaarraan 21^{ffaa} n barbaaduu hojiirra oolachuufi mirga afaanii Oromoo kabajchiisuudha. Barnoota afaanichaa eenyummaa Oromootiin walqabsiisuun barattoonni misooma aadaa, siyaasaafi naannoo isaanii keessatti akka qooda fudhataniifi rakkoo uumamuuf furmaata waarawaa barbaadaniifis haala mijeessuudha.

Jechoota ijoo: Barnoota Afaan Oromoo, tarsiimoo, tarsiimoo xiqqessaa, tarsiimoo bayyaannachiisaa, tarsiimoo itti ladachiisaa

1. Seensa

Akka qoarannoon agarsiisutti Afaan Ingilizii, Afaan Faransaayii, Afaan Porchuugaaliifi Afaan Xaaliyaanii barumsa afaaniifi afaan barumsaa ‘language education and language of instruction’ ta’uun sirna barnootaa biyyoota Afirikaa dhuunfatani turan; dhuunfataniis jiru (Mwaniki, 2014; Ansah, 2014). Fayyadamni afaanota kanaa jireenya guyyuu

¹ Pirofeesara Ittiqaa, Xinqooqa Hujoofi Misoomaan, Yunvarsitii Addis Ababaa / Finfinnee
[E-mail: barkiikoo2011@gmail.com](mailto:barkiikoo2011@gmail.com)/adugna.berkessa@aau.edu.et

daa'imman ardichaa keessatti waan hinarganneef, ogummaa afaanii gabbifachiisuurra taree kalaqaaf hinqopheessine; barnoonni afaanota ambaa² 'other tongues' kun kalaqaaf qopheessuufis xiyyeeffannoo hinqaban. Kun ammoo, yeroo dheeraadhaaf barnoota afaan abbaa³ 'father tongue', isa daa'imman jireenya guyyuu keessaa argataniifi kalaqaaf isaan qopheessuu danda'u, moggaatti dhiibee (Chowdhury and Kabir, 2014; Ansah, 2014). Akka barreessitoota kanaatti, biyyoonni Afirikaa bilisummaa isaanii labsatanillee, piroojeektii karaa afaanota ambaatiin qophaa'ee isaan gabroomsaa ture jalaa bilisa bahu hindandeenye. Piroojeektiin afaanota kun bu'uura cafaqaa 'imperial foundation' waan qabaniifi gufuu kalaqaa ta'uun isaanii hubatamee akka addunyaatti duulli bahamee dhabamsiisamullee, Afirikaa keessatti sirnoota siyaasaatti hidhatee itti fufee jiru. Kana jechuun, biyyoonni Afirikaa hedduun olaantummaa afaan koloneeffattootaa itti fufsiisaa 'colonial legacy' jiru jechuudha. Kanaafis bu'uura cimaa kan ta'an sirna irjalee 'the hierarchichal syatem' sirna cafaqoo 'the assimilation system' fi sirna abbaa hirrummaa 'the military system' fa'i. Bu'uurri sirnoota kanaas ilaanya (Ideology) 'Afaan tokko – uummata tokko- biyya tokko,' jedhudha. Bu'uura kanaan, imaammata afaanii dhora 'hegemonic language policy' baafachuun mirga afaanii dhala namaa 'linguistic human right' sarbaan (Jeyilan, 2024; Ansah, 2014).

Ilaanyiifi imaammanni afaan tokko qofa(an) barachuufi barsiisuu faayidaa afaan abbaa(tiin) barachuufi barsiisuun argamu hubachuufi labsi mirga afaanii dhala namaa hordofuun tarkaanfii mootonniifi uummanni fudhataniin biyyoota hedduu keessaa dhabamsiisamee jira. Faayidaa daa'imman afaan abbaa isaaniitiin barachuun qabu dhaabbanni 'The United Nations Educational, Scientific and Cultural Organisation (UNESCO) jedhamu yoo ibsu, "Mother tongue education preserves and respects cultural and linguistic diversities and protect human rights. It promotes local identities for creative capacities," jedha. Akka waraabii knaatti, barnoonni afaan abbaa⁴ addaddummaafi mirga afaanii dhala namaa nikabaja; akka itti fufus nitaasisa. Kanaan ilaalcha 'Afaan tokkoo oliin biyya ijaaruu' jedhu deggeruun ilaacha Afaan tokkon qofaan biyya tokko' jedhu mormuun labsii miga namoomaa akka addunyaatti 1948 bahe deggera. Fadle and Mulugeta (2024:39) "The declaration of Linguistic Human Right suppresses the assumption of linguistic imperialism to promote the growth and improvement of indigenous languages, to preserve and promote one's cultural symbols and identity through careful planning in formal contexts," jechuun barreessanii jiru. Kanaafuu, baroonni afaan abbaa ijaarsa, ce'umsaafi tursa eenyummaa uummata tokkootiif murteessaa ta'uurra taree, wiirtuu barnoota biyya tokkooti.

Wiirtumman barnoota afaan abbaa garlameedha. Gama tokkoon afaan barumsaa ta'uun tajaajila. Kun akaakuuwwan barumsaa dhimmoonni hawaasaa, aadaa, seenaa, saayinsiifi

² Afaanota ambaa kan jedhaman afaan alaafi afaan lammaffaadha.

³ Afaan abbaa, afaan daa'imni itti afaan hiikkate. Hojii kanaan duraa keessatti 'afaan dhalootaa', 'afaan haadhaa' fi afaan 1^{ffaa} jedhamee waamama. Garaagarummaan fayyadama jechoota kanaas aadaa barreessitoonni keessaa jiraatani. Afaan haadhaa kan jedhan warra biyya haadhaan waamaniifi guddina afaanii daa'imaarratti gahee haadhaa caalsisani. Afaan dhalootaafi afaan abbaa kan jedhan ammoo warra eenyummaan bu'uura uummata isaanii abbaan waamani. Oromoonis afaan, biyya, qabeenyaafi dhaloota karaa abbaa waan waamuuf, waraqaa kana keessatti 'Afaan abbaa' kan jedhu fayyadamame.

⁴ Barnoonni afaan abbaa barumsa afaaniifi afaan barumsa haammata. Afaan barumsaafi barumsi afaanii garaagara. Afaan barumsa akaakuuwwan barumsa hundatu ittiin baratama. Barumsi afaanii ammoo akka akaakuu barumsaa tokkooti baratama.

wkf kan titiin barsiisamani. McCarthy (1994:134) yaada kana “Learning through language involves using language as a means of learning something else. It is learning how language construes our experiences or learning other subjects in school,” jechuun barreessee jira. Kun ammoo, afaan barumsaa muuxannoo hawaasaa agarsiisuu, ijaarruufi tursuurra taree saayinsii uumamaafi saayinsii hawaasummaa akkasumas, herrega ittiin dagaagsuuf gahee guddaa taphata. Gama biraan, barumsi afaanii ta’uun yoo tajaajilu, kunis afaaniifi waa’ee isaarratti beekumsaafi ogummaa gabbifachuuf adeemsa taasisamudha. Afaan barachuun beekumsa sagaleefi qubee, jecha, himaafi hiikaa horachuuf adeemsa taasisamudha. Waa’ee afaanii barachuun ammoo ogummaawwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbifachuudha. Kana malees, eenyummaa uummata tokkoo ijaaru, ceesisuufi tursuurrattis barumsa afaanii gahee guddaa qaba. Kanaafuu, barumsi afaanii kamiifi garamii beekumsaafi ogummaa afaanii hubachuurra taree eenyummaa misoomsa jechuudha (Kaur and Kaur, 2020; Kembo-sure, 2000).

Barnoonni afaanii biyya tokkoo afaan abbaafi afaanota ambaatiin geggeessamuu danda’a. Milkaa’ina barattootaafi galma ga’iinsa kaayyoo barnootaa saffisiisuuf garuu afaan abbaa(tiin) barachuun filatamaa akka ta’e qoranoon ni’agarsiisa. Akka United Nations Human Rights Council (UNHRC) (2020) ibsetti ijoolleen afaan beekan(iin) yoo baratan qabiyyee baumsichaa salphaatti hubatu; ogummaawwan afaanii saffisaan gabbifatu; dalagaalee barachuu keessatti dammaqinaan hirmaatu; ofitti amanamummaa horatu; bilchinni sammuu isaaniis nisaffisa. Barattoonni afaan abbaa(tiin) baratan dubbachuufi dhaggeeffachuu maatiirraa waan baraniif, mana barumsaatti dubbisuufi barreessuurratti xiyyeeffatu. Akka barattoota afaan ambaa oguummaan afuran walqixa xiyyeeffannoo isaanii hinta’an jechuudha. Kana malees, barattoonni afaan abbaa qabiyyee barnootaa walxaxaafi ulfaataa ta’ellee hubachuuf gahumsa aadaafi hawasasa isaaniirraa madde fayyadamuuf carraa bal’aa argatu. Webb and Kembo-sure (2000) qorannoo afaan barumsaafi barumsa afaanii Afirikaarratti geggeessaniin daa’imman afaan abbaa isaanii(tiin) baratan warra afaanota ambaa(tiin) baratan caalaa guddinni xinqooqaa ‘linguistic development’, guddinni sansaakkaa ‘personal development’, guddinni sammuu ‘cognitive development’ akkasumas, guddinni hawaasummaa ‘social development’ isaanii akka saffisu ibsanii jiru.

Kana malees, barattoonni afaan abbaa isaanii(tiin) baratan beekumsaafi gahumsa ‘Knowledge and competence’ jalirroo ‘bottom up’ gargaaramuun rakkoo jireenya guyyuu keessatti mudatu furuuf carraa bal’aa qabu. Vujcich (2013:1) yaada kana “Educating students in their first language results in improved educational outcomes, facilitates understanding of new concepts, strengthens self-esteem, identity, motivation, creativity, preserves cultural and linguistic diversity and protect human rights,” jechuun barreessee jira. Kunis barnoonni afaan abbaa hubachuu, addaddummaa afaaniifi aadaa kabajuu, tursuu, mirga afaanii eeguufi kalaquu barattoota dandeessisa. Haala kanaan rakkoo jiruufi jireenya keessatti uumamu malleen aadaarraa maddeen furachuuf carraa bal’isa; afaanota ambaa(tiin) barachuuf akka riqaa tajaajila; gahumsa gamheddees ‘multi-dimensional competence’ horachiisa. Gumaachi afaanonni Itoophiyaa hedduun gama kanaan qaban jaarraa tokkoo oliif xiyyeeffannoo dhabee ture.

Itoophiyaa keessatti afaanonni 80 ol dubbatamanillee, imaammata afaanii cafaqaa ‘Assimilative language policy’ (1931-1991) turan ilaanya ‘Afaan tokko qofaan

hojjechuutu tokkummaa biyyaa tiksa, jedhuun Afaan Amaaraa qofti carraa argatee afaan mootii ‘Yanegus Kwankwa’ jedhamuun tajaajilaa ture (Adugna, 2020; Getachew, 2019; Záhořík and Teshome, 2009). Imaammannii Afaan Amaaraa qofaan Itoophiyaa ijaaruuf itti fayyadamame sabaafi sablamoorni biyyattii afaan isaanii dhiisanii afaan filatame sanaan akka hojjetan dirqisiise (Smith 2008; Getachew; Derib 2006). Kun ammoo, Itoophiyaa keessatti afaanota garaagaraa fayyadamu akka yaaddoo tokkummaatti akka ilaalamu taasise (Bench, 2014; Adugna, 2019; Fadle and Mulugeta, 2024).

Afaanota Itoophiyaa keessaa akka yaaddoo tokkummaatti ilaalamuun dhiibbaan addaa kan irra gahe Afaan Oromooti. Kanaaf ammoo qabata bu’uura sadiitu jiru. Qabanni tokko, Itoophiyaa keessatti baay’ina dubbattoota afaan itti hiikkataaniin 1^{ffaa} waan ta’eef, Afaan Amaaraa isa sirnoota biyyattiitiin carraa argate caala yaaddoo jedhudha. Baay’ina dubbattota afaanichaa Zelalem (2012: 2) “Afaan Oromo and Amharic are the two major languages of wider communication in the linguistic ecology of Ethiopia, and are among the major African languages next to Kiswahili and Hausa, ” jehuun ibsee jira. Lakkoofsi Manaafi Baay’ina Uummataa Itoophiyaa bara 2007 geggeessames dubbattoota Afaan Oromoo (24,929,268), kan Afaan Amaaraa (21,631,370) akka ta’an dhiyeessa. Qorattoonni hedduun ammoo afaanichi afaan Arabaafi Afaan Haawusaatti aanee sadarkaa 3^{ffaa} ratti akka argamu ibsu (Adugna 2009; Yosef, 2016). Kanaafuu, Afaan Oromoo yoo carraa argate afaan mootonni filatan sana caaluu danda’a yaaddoo jedhu miidhaa addatiif isa saaxile jechuudha.

Qabanni miidhaa siyaasaatiif saaxilamuu Afaan Oromoo inni biraan, dubbattoota sirna walqixxummaa dhala namaatti amanuufi diimokiraatawaa ta’e keessaa madduufi faallaa sirna mootiffaa ta’uudha. Sirni Gadaa sirnoota bulchiinsaa, siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa ‘System complex’ yoo ta’u, walqixxummaa aadaa, amantaafi afaaniitti amanuu isaatiin diimokiraatawaadha (Tadese, 2018; Gimbar, 2021). Kun ammoo afaanichi ilaanya dhiibataafi cafaqaarratti akka hinhundoofne, afaanota sabaafi sablammootaa akka hindhorre agarsiisa. Qabanni biraan ammoo uummata bu’uura madda galii Itoophiyaa ta’aniin dubbatamuudha. Gabaabumatti, baay’ina qabaachuufi haammataa ta’uun Oromoofi dimokiraatawaa ta’uun Sirna Gadaa mootota biyyattii warra humnaan aangoo qabatan, walqixxummaatti hinamanneefi addaddummaa hinkabajne biratti akka yaaddoo tokkummaafi gufuu taayitaa isaaniitti ilaaluun Afaan Oromoo dhiibbaa addaa jala galche.

Kun ammoo afaanicha akka hinguddanne taasisuurra darbee misooma biyyaatiif keessatti gahee akka hinqabaanne danqe. Falaasamni Oromoos xiqqeessuun fudhatama dhabsiiste. Adeemsi akkasii saayinsii hawaasummaafi namoomaa keessatti tarsiimoo sirnaawaa ‘systemic strategy’ jedhamuun beekama (Van Dijk, 2008; Wodak, 2001; Fairclough, 1995). Jechi tarsiimoo’ jedhu yeroo jalqabaatiif saayinsii loltummaa keessatti kaayyoo waraanaa galmaan gahuuf itti fayyadamame. Jechi kun dhawaata bulchiinsaafi siyaasa keessatti kaayyoo qophaa’e fiixaan baasuuf itti fayyadamamuu eegale. Dhiheenya kana ammoo qo’annoofi qorannoo afaanii, dinagdeefi aadaa keessatti dalagaalee raawwataman tumsuufi isa jedhameen achitti isa hedame saaxiluuf dhimma itti bahamaa jira (Blackledge, 2005; Wodak and Raisgl, 2001). Akka barreessitoota kanaatti, tarsiimoon akka sarxaa ‘as a pattern’fi akka karooraa ‘as a plan’ dhimma tajaajila. Akka sarxaatti, dalagaalee kaayyoo tokko raawwataman haala walfakkaatuun ibsuun hubannoon waligalaa akka uumamu taasisa. Gama kanaan akkaataa garaagaraatti

raawwachuufi hubannoon garaagaraa uumamuu hinqabu. Akka karooratti ammoo adeemsa kaayyoo murtaawaa tokko fiixaan baasuuf gargaaran hundatti fayyadamuuf haala mijeessa. Karoorri kun mul'inaan ykn dhoksaan bahuufi raawwatamuuf danda'a (Laine and Vaara, 2007 and Kwon, Clarke and Wodak 2013). Akka Van Dijk (1997:56) ibsetti, "Strategy is both discursive and cognitive through which people organize and give meaning for their experiences. Discursive strategy focus on language use, and cognitive strategy is based on the thinking or belief system of individuals or groups in an institution." Akka Povova (2012) ibsutti ammoo akkaataan afaanitti fayyadamuus ta'ee yaaduu gaarummaa 'goodness' gartuu humna qabuufi yarummaa 'badness' warra humna hinqabnee ibsuurratti xiyyeeffata.

Akka qorannoon agarsiisutti, tarsiimooleen garaagaraa haallan garaagaraa keessatti itti fayyadamamanii jiru. Fakkeenyaaf, Wodak (2001) eenyummaa biyyoolessaa Awustiriyaa ijaaruuf mootummaan biyyichaa tarsiimoo ijaarsaa, tarsiimoo diigumsaa, tarsiimoo sababeessaafi tarsiimoo tursaatti akka fayyadame ibsite. Kanaanis jijjiirama yerichaaf barbaachisu argamsiisee akka jiru barreessitee jirti. Haaluma walfakkaatuun, Van Leween (2008) tarsiimooleen aangomsaa 'authorization', sababeessaa 'rationalization' fi tarsiimoo ragamteessaa 'mythologization' fayyadamuun sirna ykn aadaa hawaasa tokkoo beekmtii argachiisuu ykn dhabsiisuun akka danda'amu ibse. Tarsiimoon aangiomsaa akka aadaattis ta'ee akka siyaasaatti humna horachiisuudha. Tarsiimoon sababoomsaa ammoo qabata yeroofi bakkaan hiixuufi dhiyoo ta'e dhiyeessuun waan /ta'iinsa tokko beekmtii argachiisuu ykn dhabsiisuudha. Tarsiimoon raagamteessaas dhimma tokko Waaqaan walqabsiisuun akka hawaasni kamiyyuu gaaffii hinkaasne taasisuuf itti fayyadamuudha. Tarsiimoon kun Itoophiyaa keessatti 1931-1974tti sirna siyaasaatti hidhamuun itti fayyadamamaa ture. Kanaanis warri biyya bulchuu Waaqaan akka muudamaniifi afaan isaanii(tiin) qofa barachuun akka biyya ijaarutti amansiisan. Tarsiimoon kun Oromoofi Afaan Oromoo xiqqeessuuf qabata guddaa ta'e. Jijjiirama siyaasaa bara 1974 tasisameen sirna gonfoorraa gara sirna abbaa hirreetti ce'ullee, ilaanyi 'Afaan tokkoon biyya tokko ijaaru' jedhui mirga afanii sabaafi sablammootaa sarbuun ittuma fufe. Ilaanyi kun heeraafi seera mootummaa qabsoo uummata biyyatiitiin bara 1991 booda tumameeni. Kunis siyaasaa qeenteerraa gara siyaasa sabdaneessaatti jijjiiramuun Afaan Oromoos carraa argatee sirna barnootaa keessa seene. Duulli barnoota afaanichaa bayyannachiisuus qabata jijjiirama kanaatiin eegale.

Dalagaaleen barnoota Afaan Oromoo bayyaannachiisuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Barnootaa Oromiyaa, barsiisotaafi barreessitootaan waggoota soddamaa oliif raawwataman. Dhiyeenya kana ammoo barumsi Gadaafi Safuu maneen barnootaa sadarkaa Iffaa keessatti kennamaa jiru. Dalagaalee bayyaannachiisaa kanarraa eegumsi 'expectation' Oromoo Afaan Oromootiin barachuufi barsiisuu sadarkaa 2ffaatti ceesisuufi yuunvarsitota keessatti afaanichaan barsiisuun saayinsiifi teekinooloojii ittiin dagaagsuudha. Yeruma afaanichi sirna barnootaa keessa seenerraa eegalee yaaliin mul'ataafi dhokataan barnoota afaanicharratti taasisaman faallaa eegumsa uummatichi barnoota afaan isaatiif qabuuti.

Yaaliin sirnaawaan 'systemic attempts' waldhiitu Ministeera Barnootaa Federaalaa Itoophiyaa (kanabooda MBFI) fi Biiroo Barnootaa Oromiyaa BBO) yeroo addaddaatti raawwataman eegumsa uummatichaatiin waldhaba. Karaa tokkoon, barnoota afaanichaa bayyaannachiisuuf sirna barnootaa qophessuun, ogeeyyii miindessuun, maneen

barnootaa babal'isuutu geggeessamu. Karaa biraa ammoo, akka barnoonni afaanichaa dagaagee hundee hinjabeessanne sadarkaa sadarkaatti hudhanii qabuutu mul'ata. Yaaliin akkasii haala guddina afaanota addunyaa keessatti ta'uu isaa ragaan agarsiisu hinjiru. Afaan si'a tokko sirna barnootaa keessa galee bayyaannatee fuulduratti deeme, xiqqaate duubatti hindeebi'u. Ka'umsi waraqaa kanaas dalagaalee waldhiitaa 'contradicting practices' karaa sirnaawaa ta'een dhaabbiilee barnootaatiin barnoota Afaan Oromoorratti raawwachaa jirani. Kaayyoon gooroon waraqichaas dalagaalee 1991 duraafi booda MBFifi BBOtiin barnoota Afaan Oromoorratti raawwatamaniifi tarsiimolee dalagaaleen sun ittiin masakaman gingilchuufi gaalchoo isaan guddina Afaan Oromoorratti qaban baasuudha. Barruun kun, dhaabbileen lamaan bu'afi hanqina biraa qabaatanillee, dhimma Afaan Oromoo qofa irratti xiyyeffata.

2. Mala Qorannoo

Ragaalee waraqaa kana keessatti itti fayyadamaman funaanuufi gingilchuuf ximmala akkamaatttn 'Qualitative methodology' fayyadame. Ragaaleen kunis maddeen jalqabaafi lammataarraa mala iddatteessuu akkaayyoodhaan funaanaman. Maddi raga jalqabaa namoota akkaataa barnoonni Afaan Oromoo itti jalqabe, itti adeemaa tureefi jiru akkasumas, eegumsa Oromoon afaan isaatiif qabu beekaniifi keessatti hirmaatan haammata. Namoota kanarraa afgaaffiifi marii gareettin ragaan funaaname. Maddi ragaa lammataa ammoo kitaabota barnoota afaanichaa, mojulootaafi kitaabota wabiiti. Kitaabonni barnootaa kutaa 1-12 kan jalqaba (1987-90tti) maxxansamaniifi mojuloonni kolleejjotaa duraanii dhaabbilee barnootaafi gabaarra waan dhabamsiisamaniifi dokimentoonni adeemsa kana agarsiisan murtaawoo waan ta'aniif, darbaa-dabarsaan hanguma argamanitti 'convenient sampling' fayyadamamee jira. Kitaabonni barnootaa 1990 booda fooyyessaman hedduu waan ta'aniif mala carraa salphaatiin 'simple rondon sampling' filataman. Dokimentiin sirna barnootaa ilaallatu ammoo akkuma jirutti fudhatamee xiinxalamee jira.

Qopheessitoonniifi dhaabbileen barnootaa kitaabota, mojulootaafi sirna barnoota qopheessanii qabata sadiif warra raga kennu keessatti osoo hinhaammatamin hafan. Qabanni tokko qaamolee garaagaraa hirmaachisuudha. Hooggantoota biroo dabalatee namoonni garaagaraa qophiilee dokimentoota olitti tarreessame kana keessatti hirmaatan gariin har'a hinjiran. Warri jiranis yaada dhugaa dokimentoota sanarra jiru faaluu dhiyeessuu ykn faana balleessuu waan danda'aniif, mammaaksa Oromoo "Nama sangaa kee hate waliin barbaacha hindeemin," jedhuu ta'a. Qabanni inni lammataa, barnoonni Afaan Oromoo erga fuulduratti deemee bayyaannatee booda akka duubatti deebu'ee akka xiqqaatuuf qabanni isaan dhiyeessan kamiyyuu Oromoo biratti fudhatama hinqabu. Kanaafuu, ragaan qaamolee sanarraa dhufu ka'umsa waraqaa kanaatiif barbaachisaa waan hintaaneeff, hinhaammataamne. Ragaaleen walitti qabamanis akkaataa barbaachisummaa isaaniitti qabiyyeewwan garaagaraa jalatti gingilchamanii jiru.

3. Tarsiimoolee Sirnaawoo Barnoota Afaan Oromoorratti Fayyadamaman

‘Systemic strategies employed in Afaan Oromoo education’

3.1. Seensa

Kutaan kun tarsiimoolee sirnaawoo MBFifi BBOtiin barumsa Afaan Oromoo xiqqeessuufi guddisuuf itti fayyadamaman gingilcha. Gingilchi ‘discussion’ kun qabiyyee bu’uuraa sadiirratti xiyyeeffata. Qabiyyeen tokko 1991 dura akka Afaan Oromoo galmoo idilee keessatti hintajaajilleef tarsiimoo sirnaawaa fayyadamameefi dalagaalee tarsiimichaan raawwatamaan ilaallata. Qabiyyeen 2^{ffaa}n ammoo 1991 booda erga Afaan Oromoo sirna barnootaa Itoophiyaa keessatti haammataamee tarsiimoofi dalagaalee dhaabilee barnootaatiin raawwataman mil’ata. Qabiyyeen 3^{ffaa}n ammoo tariimoofi dalagaalee bayyaannachiisa afaanichaa danquun duubatti deebisuuf itti fayyadamame ibsa. Gingilcha, mil’uufi ibsa tarsiimooleefi dalagaalee barnootata afaanichaarraatti fayyadamaman irratti tasisaman keessatti jechoonni xiqqeessa, bayyaannachiisaafi itti ladachiisa jedhan haala barnoonni Afaan Oromoo keessa tureefi keessa jiru ibsuuf itti dhima itti bahaman. Fayyadamni yaadrimee jechoota kanaas kan Afaan Ingiliziitiin ‘mirotitization, de-minoritization and re-minoritization’ jedhaniin walqabsiisame. Jechi xiqqeessa ‘minoritization’ jedhu humnaan, qabeenyaan, baay’inaafi guddinaan sadarkaa irra jiranirraa hir’achuu agarsiisa (Bayyaannachiisa ‘de-minoritization’ kan jedhu xiqqeessa qaqqaberraa fooyyessuu ykn dhiibbaa dhaqqabe jalaa baasuun humna horachiisuu yoo ilaallatu, itti ladachiisni ‘re-minoritization’ ammoo dhibeefi hacuuccaa irraa bayyaannatame itti deebisuuni humna dhabsiisaa jiraachuu hubachiisuuf itti fayyadamame.

Tarsiimooleefi dalagaaleen barnoota Afaan Oromoo xiqqeessuu jaarraa tokkoon dura itti fayyadamamuu eegalan. Tarsiimooleen afaanicha bayyaannachiisuufi itti ladachiisuu garuu walakkaa jaarraatii asitti hojiirra oolan. Kanaafuu, tarsiimoon xiqqeessaafi warri boodanaa lamaan duraa duubaan ‘sequentially’ itti fayyadamaman. Tarsiimoon bayyaannachiisaafi itti ladachiisaa ammoo ergaan takkaa ‘simultaneously’ dhimma itti bahaman. Tarsiimoon xiqqeessaafi itti ladachiisaa yeroo garaagaraatti haafayyadamaman malee, lamaanuu afaaniifi uummata Oromoo gadi qabuufi beekamtii dhabsiisuuf dhaabbilee barnootaatiin raawwataniin fayyadamaman. Kanatti aansuun tarsiimoolee gooroo ‘macro strategies’ Afaan Oromoo humna dhabsiisuu, humna horachiisuufi deebisanii humna dhabsiisuuf MBFifi BBO itti fayyadamametu ibsaman.

3.2. Tarsiimoo Xiqqeessaa

Tarsiimoo xiqqeessaan daangaa dalagaalee ‘scope of practices’ uummata tokkoo dhiphisuuf tooftaa warri humna qabaniin itti fayyadamani. Morales and Morales (2002:107) yoo ibsan “Minoritizing strategy is a systemic and institutional imposition of majority group on a subordinate group by reducing its power, opportunity and status attempting to erase its distinct collective identity,” jechuun barreessanii jiru. Ibsi kun waan baay’ee nu hubachiisa. Inni tokko, tarsiimoon xiqqeessaan tooftaa ittiin kan humna qabu isa humna hinqabne hacuucudha. Kunis carraa dhiphisuun humna dhabsiisuufi sadarkaa irra jiranirraa gadi buusuun fiixa baha. Inni lammataa, tarsiimichi sirnatti hidhatee hojjechuu isaa agarsiisa. Kun ammoo seera akka dhaabbataatti baheen raawwata. Inni sadaffaan, kaayyoon tarsiimoo xiqqeessaa inni gooroon eenyummaa waloo uummataa tokkoo diiguudha. Diigumsi kunis yaalii aangoo qabachuufi tursachuuf

warri humna qaban taasisan bu'uureffata. Kanaafuu, tarsiimichi si'uma takka qama tokko humneessee qaama biraa waan humna dhabsiisuuf, garlameedha. Gartokkoon, enyummaa isa humna qabuu ijaaruufi dabarsuurratti yoo xiyyeeffatu, gar-biraan ammoo eenyummaa waloo isa humna hinqabnee diiguufi balleessuun carraa dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi bulchiinsa keessatti hirmaachuu cufuun humna dhabsiisa jechuudha. Kanaafuu, ijaarsiifi diigumsi fayyadama tarsiimoo kanaan raawwatu walcaalmaa aangoo 'power imbalance' siyaasaa, dinagdee, aadaafi hawaasummaa bu'uureffata. Kana keessaatti ijaaruufi diiguuf humna cimaa kan qaban aangoo siyaasaafi angoo dinadeeti (Foucault, 1970, Van Dijk, 1997; Wodak, 2001). Bu'uurri aangoo siyaasaafi dinagdee ammoo sirna. Haala kana Himton, Huss and Roche (2018:21) yoo ibsan, "Minoritizing strategy describes a systemic process where a group, regardless of its actual numbers, is subjected to power imbalances and subjugated by a dominant group, leading a restriction of its social domains," jedhu. Waraabbiin kunis gama garee itti fayyadamaniitiin yoo ilaalamu, tarsiimoon xiqqeessaan idaasaafi misoomsaa 'additive and developmental' yoo ta'u, gama garee irratti fayyadamamuutiin garuu hiri'isaafi dhiphisaa 'subtractive and reductionist' ta'uu agarsiisa.

Tarsiimoon kun uummata, aadaafi afaan xiqqeessuurratti xiyyeeffata. Gama uummataatiin yoo ilaalamu, karoora ykn tooftaa dhokataafi mul'ataa humna dhabsiisuuf itti fayyadamu ta'uu Fairclough (2003:23) ibsan "Sociologically, minoritizing is making a community or a group subordinate in status to a more dominant group or its members," jechuun ibse. Xiqqeessi uummata ykn garee tokkorratti taasisamu ammoo eenyummaa isaa hunda haammata. Kana keessaa tokko xiqqeessa aadaarratti taasisamudha. Xiqqeessi aadaa haala jiruufi jireenyaa uummata ykn garee tokkootti maqaa baasuun busheessuufi fudhatama dhabsiisuudha. Akaakuu xiqqeessaa kana Morales and Morales (20021:1) yoo barreessan "Culturally, minoritizing is happend due to the existing difference in beliefs with the dominant cultural and religious group who inherently believe in the ideas and practices other than their culture should be wrong and deserve inferior positions," jedhanii jiru. Yaada qorattoota kanaarraa kan hubatamu, gareen humna qabu tokko aadaan isaa aadaa gareewwan biroo akka caalutti yaaduu bu'uureffata. Aadaan warra humna qabuu sirnatti hidhatee misooma: haaroma; kunuunsama; gareewwan biros akka fudhatan taasisama. Aadaan warra humna hinqabnee ammoo akka fudhatama dhabu, akka dagatamufi dhawaata akka baduu taasisama. Tarsiimoon xiqqeessaan galmoo tajaajila afaanii daangessuuf ilaanya afaan tokko qofaan hojjetamuuf aangootti fayyadamuun murteessuu bu'uureffata. Waraabbiin kanaan gadii kamiifi garamii xiqqeessa afaanii ibsa.

Linguistically, minoritizing is devaluing a language by granting status and prestige to another computing language in the same community or country for political purpose. A minoritized language is a language that is marginalized to establish common language for government intended to establish homogeneity for ideological reasons. This process is characterized by power imbalance. Limited domain of use, exclusion from formal context, made speakers of a language subset of speakers of the dominant language (Hinton, Huss and Roche, 2018: 54).

Kaayyoon bu'uuraa afaan tokko xiqqeessuu afaan hojiin idilee akka ittiin geggeessamuufi biyyi tokko akka ittiin beekamtu barbaadame guddisuudha. Biyyoota guddachaa jiran keessatti yeroo baay'ee filannoon afaan hojii mootummaa ilanyaafi aangoo siyaasaa hordofa. Afirikaa keessatti gartuun aangoo qabu afaan ofii barbaade

guddisee kan hinbarbaanne xiqqeessa. Gareen afaan dubbattoota muraasa qabu keessaa bahee aangoo siyaasaafi dinagdee qabate afaan isaa guddisuuf, daangaa afaanota kaanii dhiphisuufi galmoo alidilee keessatti ittisuun carraa guddinaa dhabsiisa. Kanaaf fakkeenyi gaariin Guwaaraaniifi Kaantoniziidha. Inni duraa Paaraaguwaayi, kan lammataa ammoo Chaayinaa keessatti bal'inaan dubbatamu. Haata'u malee, afaan mootummaa ta'uun haala idilee keessatti tajaajiluu waan dadhabaniif, afaanonni gartuun aangoorra jiranii kan dubbattoota muraasa qaban bakka argatan (Hinton, Huss and Roche, 2018).

Carraan afaanota kana lamaan mudate, Itoophiyaa keessatti Afaan Oromoos mudate jira. Baay'ina namoota afaan itti hiikkataniin afaanota 80 ol biyyicha keessatti dubbataman keessaa Afaan Oromoo sadarkaa 1^{ffaa} ratti argamullee, jaarraa tokkoo oliif alidilee keessatti hidhame. Waggoota soddamaa oliif ammoo haaluma idilee keessatti bakka murteessaatti hudhamee guddachuu dadhabe. Afaan Amaaraa, kan baay'ina dubbattoota afaan itti hiikkataniin hanga kan Afaan Oromoo hingeenyetu, waan deggersa siyaasaa qabuuf, carraa argatee akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti tajaajile. Afaan Ingilizii kan nama afaan itti hiikkatu biyyicha keessaa hinqabnetu bakka guddaa argate. Akka ragaan afgaaffiin argame agarsiisutti Afaanicha hanga Afaan Amaaraa hanqisuu qofa osoo hintaane, hanguma Afaan Faransaayi, Afaan Xaaliyaaniifi Afaan Ingilizii warra namoota afaan itti hiikkatan Itoophiyaa keessaa hinqabneefi galmoo quunnamtii 'communicative context' irraa adda bahaniillee hanqisame. Ragaan Mitikkuu (2017:4) irraa fudhatamee armaan gaditti dhiyaates tarsiimoo xiqqeessaa sana ibsa.

(1)

Afaan Oromoo tilmaamaan hawaasa Ixooophiyaa %40 oliin dubbatama. Haata'u malee, mootummoota Habashaatiin hacuucamaa waan tureef, bara dheeraaf xiyyeeffannoo dhabee afaan dubbii qofa ta'uudhaan hanga dhahoo kanaatti osoo afaan barreeffamaa hinta'in ture. Imaammanni mootummoota Ixooophiyaa bara 1991 dura ture Afaan Oromoo dhaabbilee hawaasaa kanneen akka maneen barnootaa, dhaabbilee amantaa, maneen murtiifi kkf keessatti akka hindubbatamne dhorkaa ture. Dubbattoonni afaanichaas afaan isaanii dhiisanii Afaan Amaaraatiin akka dubbataniifi ittiin akka baratan dirqisiisaman. Afaan Oromootiin dubbachuunis, barreessuunis seeraan adabsiisa ture. Yeroo ani barataa ture mooraa mana barumsaa keessatti namni Afaan Oromoo dubbate ni'adabama ture.

Sirni siyaasaa hanga kufaati dargiitti ture Afaan Amaaraa afaanota alaa muraasa waliin dhaabbilee barnootaa keessatti akka tajaajilu taasisame. Murtaa'inaan yoo ilaalle 1906-1935 Afaan Amaaraafi Afaan Faransaayiiitu afaan barumsaafi barumsa afaanii ta'uun tajaajilan (Degneh, 2015). Xaaliyaaniin Itoophiyaa weeraruu (1936-41) hordofuun haalli kun jijjiiramee Afaan Xaaliyaaniifi afaanonni sabaafi sablammootaa sirna barnootaa keessa seenuun sadarkaa gadaanaatti baratamuuf carraa argatan. Kaayyoon isaa siyaasa yerichaa fudhatama argachiisuufi isa duraa fudhatama dhabsiisuuf haata'uyyuu malee, yeroon sun addaddummaa afaaniitiif kabaja qaba ture. Kana keessatti, yeroo jalqabaatiif Afaan Oromoos sirna barnootaa Itoophiyaa keessa seene. Xaaliyaaniin mo'amtee waggaa tokko booda, afaanonni carraa argatanii bayyaannachuu eegalan dhukkubni isaanii itti ladachuun sirna barnootaa biyyattii keessaa haqaman. Kunumaan Afaan Oromoos galmoo idilee keessaa bakka dhabuun waggoota dheeraaf (1942-1991) galmoo duraatti deebi'ee hidhame. Yeroo kanas afaanonni ambaa, Afaan Ingilizii sadarkaa olaanaatti, Afaan Amaaraa ammoo sadarkaa gadaanaatti afaan barumsaafi barumsa afaanii ta'uun sabaafi sablammoonni akka barataniifi ittiin baratan taasisaman.

Bulchiisni Mootii Hayilesillaaseefi sirni gonfoo hacuucaafi cafaqaan ‘oppressive and assimilative’ ture qabsoo falmattoota bilisummaatiin kufanii Mangistuufi sirni abbaa irree inni hordofu aangoo qabatullee ilaalchiifi gochaan afaan barumsaafi barumsa afaaniirratti ture itti fufe. Akkuma dhadhannoo bara sana keessatti, “Sunsuma jijjiiruun ittoo hinmi’eessu,” jedhamaa ture, mootiin maqaa Waqaatiin bulchu isa irree isaatiin bulchuun bakka bu’ullee, carraan Afaan Oromoo sanuma ta’e. Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii duraa-duubaan sadarkaa gadaanaafi olaanaatti afaan barumsaafi barumsa afaanii ta’uun tajajiluutti deebisaman (Fadil and Mulugeta, 2024; Vujcich, 2013; Seidel and Moritz, 2009). Kanaafis qabanni ilaanyaafi imaammata fayyadama afaanii sirni siyaasaa walduraa-duubaan biyyattii keessatti hojiirra oolan hordofaniifi addaddummaa afaanii akka gufuu guddinaafi yaaddoo tokkummaa biyyaatti isaan ilaalanidha. Duressam, Tasama and Deressa (2024:2) imaammata fayyadama afaanii biyyattii kan yeroo sanaa, “For more than half a century, Ethiopia used the policy of linguistic assimilation which discourages the use of more than one language as in the use of the policy of linguistic pluralism,” jechuun barreessanii jiru. Imaammanni sun afaan abbaa kan akka Afaan Oromoo busheessee afaanota ambaa kan akka Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziifaa mi’esse; addaddummaa afaanii akka madda rakkootti ilaaluun afaanota sabaafi sablammootaa alidilee keessatti daangesse. Kunis qajeelfama sirnatti hidhate baasuun dhiibilee hawaasaa hunda keessatti hojiirra oole. Dhiibbaa sirni siyaasaa Itoophiyaa afaan sabaafi sablammootaarratti raawwachuun galmoo alidilee keessatti akka ittisaman taasiseef ragaan gaazexaa *Salam* jedhamu kan yeroo sana maxxansamerraa fudhatame akkanaa dhiyaatee jira.

(2)

የኢትዮጵያ መንግስት በየሀገሩ ያለው እዝብ ሁሉ በአማርኛ እንዲናገሩለት ይፈልጋል። የእዝቡ ቁጥንቁቅ አንድ ስሆን እየተጋባ፤ እየተሰሰረ ስመጣ ለመለያየት አይችልም... በኢትዮጵያ አወራጃ ያሉ ሚስጥሮች ወንገልንና የጸሎት መጽሀፍትን ለአሮጭ በአሮሚኛ፣ ለጉራገዳ በጉራገዳ፣ ለወለይታ በወለይታ ቁጥንቁቅ እያሳተሙ ማስተማር ጀምረዋል። ይህ የማይገባ ነው። ለአንድነት እንቅፋት ይሆናሉ። የኢትዮጵያ መንግስት የሚወደው እዝቡ በአማርኛ ተምሮ አንድ ቁጥንቁቅ እንድናገር ነው። ሃይማኖቱን በአማርኛ ቁጥንቁቅ እንድያስፋፋ ይፈልጋል። የኢትዮጵያ አንድነት ጽናት ... አማርኛ ተስፋፊ ስነጥር ነው። ስልጣንም ለማስገባት የሚቻለው በአንድ እናት ቁጥንቁቅ መመራትና ግኑኝነት ስኖር ነው (ሰላም ጋዜጣ ታህሳስ 19፣ 1926)።

Afaan Amaaraa qofaan hojjechuu bu’uura guddina Itoophiyaa taasisuun ilaanyaa cafaqaa mootonni biyyattii eenyummaa garaagaraa balleessanii eenyummaa sirni isaanii barbaadu moosisuuf itti fayyadamanidha. Kaayyoo kana galmaan ga’uuf afaanonni biyyattii golaa akka hinbaaneefi dubbatoonni isaaniis afaan mootonni filataniin jireenya guyyuu akka geggeessatan dirqisiisaman. Karaa tokkoon, yoo Afaan Amaaraa beekaniitti ittiin hojjetan sanyii mootiifi gartuu beektotaa akka ta’anitti itti lallabame. Karaa biraan, dhaabbilee mootummaas ta’ee dhuunfaa keessatti yoo afaan abbaa isaaniitiin quunnamtii uuman akka doofaatti ilaalamaa adabbiin sirnaas irratti fudhatamaa ture. Fakkeenyaaf, baratoonni maneen barnootaa keessatti Afaan Amaaraa qofa akka dubbatan taasisama. Yoo sirriitti dubbachuu dadhaban itti kolfama turan. Kun ammoo dhawaata akkaataa yaaduu uummatichaa dhuunfachuun ofitti amanamummaa dhabsiisaa, warra Afaan Amaaraatti afaan hiikkatanii gaditti akka of ilaalan taasise. Ilaanyaa dhoraan ‘hegemonic ideology’fi imaammata afaanii qeenxee baafatan ammoo tarsiimoofi dalagaalee xiqeessaatti fayyadamuun hojiirra oolchan.

Sirni siyaasaa dhoraan Itoophiyaa keessa ture eenyummaa warra aangoorra cimsuuf kan biraa dadhabsiisuun heeraafi seeraan murtaa’e. Namoota sirna barnootaa afaanii

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa

Itoophiyaa beekan waliin marii gaafa 24/11/2017 taasisamerraa ragaan argame akka itti aanutti dhiyaatee jira.

(3)

Sirni siyaasaa Itoophiyaa yeroo dheeraaf hakuuca waaan tureef, Afaan Amaaraa guddisuuf jecha Afaan Oromoo xiqqeesse. Barnoota Afaan Amaaraatiin geggeessuuf afaan sabaafi sablammootaa sirna barnootaatiin alatti ittise. Aadaa saba afaanicha dubbatuu cimsuuf jecha aadaan Oromoo laafe; jara dinagdeedhaan humneessuuf, dinagdeen Oromoo humna dhabsiisame; tajaajilli Afaan Oromoo kan dhiphateefis tajaajila Afaan Amaara bal'isuuf ture. Bayyaannachiisni 1991 booda barnoota afaan Oromoorratti taasisame garuu afaan biroo dhiibuurraa bilisa. Nuyi mirguma heerriifi seerri mootummaa nuuf kenneen afaanuma keenya gabbisuurratti xiyyeeffanne. Sabaafi sablammoonni biroos akkasuma turan.

Ragaan (3) jalaatti dhiyaaterraa akka hubatamutti, sirni siyaasaa Itoophiyaa waaan lama altokkicha raawwachaa ture. Kanas jechoota faallaa ta'an kanneen guddisuufi xiqqeessuu, cimsuufi laaffisuu, humneessuufi humna dhabsiisuufi bal'isuufi dhiphisuu jedhaniin ibsan. Jechoonni jalqabarra jiran guddisuu, cimsuu, humneessuufi bal'isuu jedhan gartuu aangorra jiran deggera. Gama kanaan idaasaadha. Jechoonni booda jiran kanneen akka xiqqeessuu, laaffisuu, humna dhabsiisuufi dhiphisuu ammoo hakuuca eenyummaa Oromoorra gahaa ture agarsiisu. Sirnichi gama kanaan hiri'isaadha. Ibsitoonni kun walcaalmaan aangoo jiraachuu agarsiisu. Yeroo mirgi afaanii Oromoo biyya abbaa isaa keessatti akkas hakuucamaa turetti, ollaa Itoophiyaa kan taate Keenyaa naannoo Marsaabeetii Kaawuniitti garuu afaanichi sadarkaa 1^{ffaa}tti baratamaa ture (Mitikkuu, 2017). Afaan Oromoo kabaja biyyaa isaa keessatti dhabe biyya Oromaatti argate jechuudha.

Ragaan afgaaffiin argame akka agarsiisutti ammoo, Mootummaan Dargii kufaatii isa mudaterraa ooluuf Afaan Oromoo digirii duraatiin Yuunvarsitiin Finfinneetti akka kennamu yaalee ture. Kanaafis sirna barnootaas ta'ee qabiyyee fi caasaa koorsiiwwan afaanicha keessatti baratamanii qopheessisuu eegalee boodarra addaan cite. Qabanni guddaan addaan cituu isaas erga afaanicha baratani hojjiin itti bobba'anii hojjetan Itoophiyaa keessaa dhibuu isaati. Kun ammoo mootummaan yeroo sanaa namoota baratani bahaniif hojji qopheessaa waaan tureef, barattoonni afaanichaan leenjisananii xumuran Afaan Oromoo dhaabbilee hawaasaa keessa waaan hinseenneef, seensisuuf ammoo akka yaaddoo tokkumaatti waaan ilaalamuuf, sodaa hoji-dhabeeyyii babal'suu jedhuun danqame. Kunis galmoo idileerraa fageessuun xiqqeessuuf yaalii taasisamu keessaa tokko ture.

Gabaabumati, bara 1991n dura biyya aadaa afaaniifi sabdaneessa taate keessatti ilaanya afaanii cafaqaa sirni siyaasaa Itoophiyaa fayyadamaa tureen Afaan Oromoo, afaan Itoophiyaa keessatti dubbattootaan 1^{ffaa} ta'e, sirna barnootaa keessa akka hinseenne taasisame. Kun ammoo mirga afaanii Oromoo sarbe. Sarbamu mirga kanaatiin daa'imman uummatichaa afaanota ambaa kanneen akka Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii(tiin) akka baratan dirqisiisamaa turan. Haala kanaan, Afaan Oromoo hanga Afaan Amaaraa kan baay'ina dubbattootaatiin isaa gadii hanqisamuu qofa osoo hintaane, Afaanota alaa warra dubbattoota afaan itti hiikkatan Itoophiyaa keessaa hinqabnee hankaasame. Kunis beekumsaafi ogummaa aadaa uunmatichaarraa madde dagachiise; guddinni barnootaafi afaanii daa'imman Oromoos aadaa uummata isaaniirratti akka hinijaaramne dhiibbaa uume.

3.3. Tarsiimoo Bayyaannachiisaa

Itoophiyaa keessatti, jijjiirama siyaasaa bara 1991 taasisameen afaanonni sabaafi sablammootaa hedduun akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti sirna barnootaa biyyattii keessatti haammataman Seidel and Moritz, (2009:1125) jijjiirama kana yoo ibsan, “Following political change in Ethiopia in 1991, a transition has been made from the use of only Amharic and English as medium of instruction to a system that uses a multilingual approach to education,” jechuun barreessanii jiru. Afaan tokkoo ol barnoota keessatti fayyadamuuf carraa argame kanaan Afaan Oromoo(tiin) barachuufi barsiisuun eegalame. Kanarraan kan ka’e, duulli afaanicha bayyaannachiisuu geggeessame. Mataduree kana jalatti tarsiimoo barnoota afaanicha bayyaannachiisuuf dhaabbileen barnootaa itti fayyadamaniifi dalagaalee tarsiimoollee kanan raawwatamantu ibsaman.

Tarsiimoon bayyaannachiisaa xiqqeessa Afaan Oromoorratti raawwatameen hubaatii dhaqqaberraa fooyyessuun humna horachiisuuf tooftaa itti fayyadamamedha. Leglise and Alby (2006:63) tarsiimoo kana yoo ibsan, “De-minoritizing strategy is an active process of mitigating or reversing the exclusion or suppression of a group or its language, culture and history,” jedhu. Yaada barreessitoota kanaarraa bayyaannachiisni gadi qabaa ykn fanfansa uummataafi eenyummaa isaarratti taasisamee hirmaannaa siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee daangesse jalaa baasuun humna horachiisuuf adeemsa taasisamu ta’uu hubanna. Adeemsi kun amala isaatiin idaasaa, eeyyentaafi misoomsaa ‘additive, positive and developmental’ waan ta’eef uummata, aadaafi afaanicha humna horachiisuu ykn hirkattummaa jalaa baasuuf gahee guddaa qaba. Tarsiimoo bayyaannachiisaa idaasaa kan taasisu wantoota hubaatii geessisan maqsuun humna horachiisuu isaati. Eyyentaa kan taasisu ammoo, osoo kan bira hinmiidhin isa hubame humneessuu/fooyyessuu osoo kan biraatti carraa hincufin warraa carraa dhabaniif haala mijeessuu isaati. Tarsiimicha misoomsaa kan taasisu ammoo sirna dinagdee, aadaafi afaaniitii uumata cunqursaa jala ture tokkoo haaromsee, jijjiiree, haalatti mijeessuu ceesisuu ykn tursuu keessatti gahee guddaa waan qabuufi. Gama afaaniitiinis rakkoo barumsa afaaniifi afaan barumsaarratti mul’atu furuun saayinsiifi teekinooloojiitti madaqsee misooma biyyaatiif oolcha.

Sirni siyaasa bara 1991 booda Itoophiyaan hojiirra oolchite afdaneessummaaf beekamtii kenne. Beekamtii kanaan dhaabbileefi maneen barnootaa, manni murtii, dhaabbileen daldalaafi dhaabbileen amantaa Oromiyaa keessatti Afaan Oromootiin hojjechuuf carraa argatan. Carraaqqiin barnoota Afaan Oromoo bayyaannachiisuu kan eegales haala kanaani. Adeemsa afaanicha(an) barachuuf taasisame keessatti tarsiimoon gooreen dhaabbataanni barnootaa ‘educational institution’ itti fayyadamame xiyyeeffannoo argachiisuudha. Tarsiimoon xiyyeeffannoo argachiisuu ‘emphasizing strategy’ dhimmi tokko yaada, jechaafi gochaa uummata tokkoo keessatti dursa akka argatuuf karoora bahee hojiirra ooludha. Yaada kana Wodak, Rudolf, Martin and Karin (2009:54) yoo ibsan, “Emphasizing strategy is used to attract attention towards something of great value for social, political, cultural and linguistic purposes. It is used based on systemic and prioritized goals,” jedhu. Kunis dhimma barbaadamu tokkoof dursa kennuuf tooftaa itti fayyadamamu ta’uu hubachiisa. Afaan Oromoos akka barumsa afaaniifi afaan barumsaatti tajaajiluuf dalagaaleen duraa-duubaan xiyyeeffannoo argatan keessaa muraasni sadarkaa barnootaa ‘academic level’ afaanicha(an) itti barsiisamu murteessuu, biiroofi waajjiraalee barnootaa banuu, ogeeyyii miindessuu, sirna barnootaa madaqsuu,

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa

barnoota afaanichaarratti hubannoo horachiisuu, kitaabilee barnootaa qopheessuufi dhaabbilee barnootaa olaano keessatti afaanicha barsiisuu fa'i.

Barnoota Afaan Oromoo bayyaannachiisuuf hojiin hunda dura xiyyeeffannoo aragate sadarkaalee afaanichi itti(in) barsiisamu murteessuudha. Murtee kanaan Afaan Oromoo kutaa 1- 12tti akka barumsa afaaniitti, kutaa 1-8tti ammoo akka afaan barumsaatti akka tajaajilu taasisame. Murticha hojiitti jijjiiruuf Mootummaan Naannoo Oromiyaa biroo barnootaa banuun abbummaan barnoota naannichaa akka hoogganu taasise. Biiron barnootaas akkuma banameen godinaaleefi aanaalee Oromiyaa keessatti waajjiraalee barnootaa bane. Biiroofi waajjiraaleen banaman qubee Roomaarraa Afaan Oromootiif madaqsame⁵ fayyadamuufi manneen barnootaa Oromiyaa keessa jiran keessatti akka tajaajilu murtaa'e. Mitikkuu (2017:9) murtee qubee afaanicharratti taasisame yoo ibsu "Hayyoonni Oromoo walga'ii Sadaasa 3, 1991 taasisamerratti hirmaatan Qubeen Afaan Oromoo Qubee Roomaarraa madaqee Addi Bilisummaa Oromoo itti fayyadamaa ture afaanicha(an) barsiisuuf akka itti fufu sagalee guutuun murteessuun Mootummaa Ce'umsaatiif dhiyaatee fudhatama argachuun barachuufi ittiin barachuuf ragga'e," jechuun barreesse. Kunis jaarimiyaaleen siyaasaa Oromoo - Dhaabbata Diimookiraatawaa Uummata Oromoo (Dh.D.U.O)fi Addi Bilisummaa Oromoo (ABO)n - qubee afaanichaaf filatameen barnoonni afaanichaa akka geggeessamu deggersi isaan biiroofi waajjiraalee barnootaa Oromiyaatiif taasisan daran cimaa ta'uu agarsisa.

Banamuu biiroofi waajjiraaleefi qubee afaanichaatti aansee, hojiin yeroo sanatti xiyyeeffannoo argate inni biraan, ogeeyyii fedhii, beekumsaafi jaalala uummata qaban miindessuu ture. Ogeeyyiin yeroo sana biiroofi waajjiraalee barnootaa Oromiyaa keessatti miindessaman fedhiifi gahumsa guddaa warra qaban, dhimma Oromootiif dursa warra kennaniifi ilaalcha siyaasaatiin kan hinfilatamne akka ta'an Firdisaa (2025)⁶ gaaffiifi deebii Raadiyoo Faanaa waliin taasiseen ibsee jira. Keessumaa hooggantoonni biroo barnootaa yeroo sanaa itti cichanii barnoota Afaan Oromoo lafa qabachiisuun fakkeenya gaarii turan. Kun deggersi dhaabbataafi siyaasaa 'institutional and political support' yeroo sana afaanicha bayyaannachiisuuf taasisameefi kutannoon hooggansaa 'leadership commitment' ture cimaa ta'uu agarsiisa. Bu'uura kanaan, hooggantoonni biiroofi waajjiraalee tumsa argataniifi kutannoo qabaniin eenyummaa Oromoo warra bu'uuraa wiirtuu barnoota afaanichaa taasisuun hojjechuu eegalan. Fakkeenyaaf, Mallattoo Odaa loogoo Biiroofi waajjiraalee barnootaa taasisuun caayaa eenyummaa ummichaa galmoo idilee keessatti beekamtii argachiisan. Kun ammoo barnoota Afaan Oromoo saayinsii barnoota afaan abbaatiin walqabsiisuun itti dhiyeenyaan karoraafi raawwii barnoota afaanichaa to'achuu, deggeruufi rakkoo uumamaniif furmaata kennuuf qophii eegalan.

⁵ Yaalii madaqsa Qubee Afaan Oromootiif taasisame keesaa isaa bu'uura Degneh, (2015:173) yoo ibsu, "In 1986, a workshop participating nineteen well-known linguists from different parts of the world was convened in Cologne Germany, to openly discuss for the first time how Oromo should be written. This was a major advance in the history of the development of the Oromo writing system because it broke the "taboo" and debated openly the issue of not whether Oromo should be written at all, but of how and in what script it should be written in line with the social, linguistics and pedagogical criteria. All the participants agreed that above all Roman Script is suitable for adapting the Oromo writing system."

⁶ Fana Radio on Aught 23, 2025.

Ittaansuun, sirna barnootaa akka biyyoolessaatti qophaa'e akka misooma Naannoo Oromiyaatiif gumaachutti madaqsuutu xiyyeeffatame. Madaqsi sirna barnootaa kunis sadarkaa garaagaraatti meeshummaafi eenyummaa Afaan Oromoo walfudhachiisuun fedhiifi sadarkaa ulfaatina qabiyyee 'difficality level' adda baasuun yeroo gabaabaa keessatti xumurame. Saffisa kanaan Afaan Oromoo(tiin) barachuufi barsiisuurratti hubannoo uumuu, meeshaalee barnootaa qopheesuufi barsiistota leenjisuun hojiiwwan yeroo sanatti xiyyeeffannoo argatani.

Akkuma sirni barnootaa Afaan Oromoo kan sadarkaa garaagaraa madaqeen, beektonni Oromoo alkaniifi guyyaa hojjetanii kitaabota barnootaa afaanicha qulqullinaan qopheessan. Kitaabota kutaa 1-12tti afaanicha barsiisuufi kutaa 1-8 afaanichaan barsiisuuf gargaaran qopheessanii karaa Biirroolee, waajjiraaleefi manneen barnootaa barattoota biraan gahan. Ragaan itti aanu kitaabotaafi bara maxxansa isaanii agarsiisa.

(4)

Kutaa	Bara maxxansame	Bara fooyya'e
1	1987/1995	1995/2003
2	1988/1996	1995/2003
3	1989/1997	1995/2003
4	1990/1998	1995/2003
5	1991/1999	1995/2003
6	1991/1999	1995/2003
7	1991/1999	1995/2003
8	1991/1999	1995/2003
9	1988/1996	19996/2004
10	1988/1996	19996/2004
11	1988/1996	19996/2004
12	1988/1996	19996/2004

Akkuma gabatee kanarraa mul'atu, waggoota afur keessatti kitaabonni barnootaa kutaa 1-12 qophaa'an. Akuma olitti tuqame, deggersi jaarmiyaalee siyaasaa Oromoo yeroo sanaa kitaabonni barnoota afaanichaa qulqullinaan akka qophaa'uu kallattiin hirmaachaa turan. Akka Mitikkuu (2017) ibsetti, gareen ABO kan barnootarratti hojjetan kitaabota barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} ji'a tokko keessatti qopheessuun karaa ministeera barnootaa biyyattii yeroo sanaa BBOf dhiyeessuun maxxansaa barattoota biraan gahe.

Sakatta'iinsi kitaabota Afaan Oromoo 1996 duraarratti geggeessame akka agarsiisutti, qabiyyeewwan barumsa afaanichaa eenyummaa⁷ Oromoo warra bu'uuraa 'Core identity of the Oromoo' saayinsii barnoota afaan abbaa keessaan akka hubatamaniifi barnoota afaan ambaa barachuuf bu'uura cimaa akka ta'anitti qophaa'an. Oromoon, eenyummaa asoo 'local identity'fi eenyummaa waloo 'collective identity' kan qabiyyee barumsa afaan isaa keessatti barbaachisan qaba. Akka eenyummaa asootti qabiyyee barumsa Afaan Oromoo ta'uu qaban keessaa nyaata aadaa, uffata aadaa, teessuma lafaa, looga,

⁷ Eenymmaan waan ittiin beekamanidha. Beekamtiin kun waan ta'aniifi waan hintaaneen akkasumas, walfakkeenyaafi garaagarummaan ibsama. Kun ammoo akka itti of ilaallu, akka itti orma ilaallu, akka itti ormi nu ilaaluufi ilaallcha ormi nuuf qabu akka itti ilaallu haammata. Ilaalcha ofii qabnuufi ormi nuuf qabu akki itti ilaallu eenyummaa keenya 'claimed identity' yoo taa'a, akki itti nuyifi ormi walilaallu ammoo eenyummaa ormaa 'ascribed identity' ta'a. Kanaafuu, eenyummaa nutu filata ykn ormatu nuuf filata (Povova, 2012; Bloomaert, 2005; Hall and Bucholtz, 2005; Kidd, 2002).

afoola, sirnaafi ayyaana godinaalee garaagaraatti itti fayyadamaman maqaa dhahuun nidanda'ama.

Eenyummaa waloo Oromoo qabiyyee kitaabota dura maxxansamanii keessatti haammataaman keessaa tokko Oromummaadha. Kitaabota sana keessatti jechi Oromummaa jedhu bakka hedduutti itti fayyadamuu isaanii qofa osoo hintaane, Oromoo jechuun kan eenyummaa kanatti amanuufi ittiin boonu akka ta'e ibsan. Oromoon biyya keessas ta'ee biyyaan ala eenyummaa kanaan akka of ibsu, ormis kanumaan akka Oromoo ibsan hubachiisu. Barreeffamni Asafa (2007:1) irraa waraabamee ittaanee dhiyaate, eenyummaa kana sirriitti ibsa.

Oromummaa is the master ideology and collective identity of Oromo. Oromummaa believes in multinational principles based on individual and collective freedom, democracy, justice, and human liberation. It enables the Oromo retrieve their cultural memories and collective governance...., interlinks personal, interpersonal and collective relationship, political and economic discourses.

Waraabbii kanarraa Oromummaan ilaanya qajeelchaa 'guiding ideology' bilisummaafi walqixxummaa dhala namaatti amanuufi addaddummaas kabaju ta'uu hubanna. Akka Gammachuu (2023)⁸ ibsutti, Oromummaan ayyaana Oromoon waloon qabudha. Ayyaanni kun dalagaalee Oromoon akka aadaafi gosa gosaatti godinaalee garaagaraa keessatti raawwatu to'ata. Oromoo kan jedhamus isa ayyaana kana keessaan of beekuufi walbeekudha. Hii kni Oromummaaf kenname ibsa qorattoonniifi barreessitoonni ilaanyaaf kennaniin walbikka. Fakkeenyaaf, Van Dijk (2006:117) "Ideology is a fundamental belief that underlie the shared and collective representations of a society," jechuun barreesset jira. Fairclough (2003: 9) "Ideology is an abstract representation of aspects of the world which establishes and maintains in and through practices and determined through the social relations of power," jedha. Maddeen kanarraa ilaanyi akkaataa uummanni waloon itti yaduu, raawwatufi hariiroo yaanniifi raawwiin isaa aangoo waliin qabu kan ijaaru, kan tursuufi kan dabarsu ta'uu hubanna. Oromummaanis ilaanya qajeelchaa yaadaafi raawwii Oromoo waan ta'eef, wiirtuu barumsa Afaan Oromoo taasisuun tokkummaa Oromoo yeroo jalqabaa ture sanaaf gumaache jira.

Agarsiistuuwwan Oromummaa - duudhaalee Sirna Gadaatfi raawwiilee isaa kanneen akka irreechaa, jaarsummaa, kottu-dhufee fi jiloota akka Gumii Gaayyoo, baallii walharkaa fuuchuuf qabiyyeewwan barumsa Afaan Oromoo keessatti haammachiisamanii jru. Mallattooleefi meeshaalee ulfoo hawaasichaa kanneen akka oada, bokkuu, siinqee, kallachafi caaccuufaas qaamuma qabiyyee barumsa afaanicha sadarkaalee garaagaraa ta'uun kitaabota sana keessaa nimul'ata. Kunneen ammoo qolaafi keessoo kitaabota afaanicha kutaa 1-12 kan 1987-1990 maxxananirratti, loogoo biirooleefi waajjiraalee barnootaarratti itti fayyadamamaa turan. Kun ammoo eenyummaa uummatichaa tursuufi dabarsuu keessati gahee guddaa tabaate.

Eenyummaan bu'uuraa qabiyyee barumsa Afaan Oromoo ta'e inni biraan Oromiyaadha. Oromiyaan eenyummaa biyyaa Oromooti; kan Oromoon biyya abbaa koo jedhus Oromiyaadha. Kun ilaalcha Oromoon akka seenaafi aadaatti 'historically and

8 YouTube OBSTV, May 28, 2023

customarily' daangaa lafa isaatiif qabudha (Mahammed, 1996; Taaboor, 2006; Asefa, 2007). Wantoonni Oromiyaa keessa jiraatan kanneen akka holqawwan, tulluuwwan, laggeen, gaarreen, bineensota, midhaaniifi bosonaas eenyummaa uummatichaa agarsiisu. Kun akka itti Oromoon biyya isaa beeku waan ta'eef, filannoo isaati. Eenyummaan lafaa kanas irratti dhalachuun waan argateef, jijjiiramaaf saaxilamaa miti. Akki itti Itoophiyaan Oromoo beektu ammoo filannoo isaa kanarraa adda. Akka heera biyyattii 1994 baheetti, Oromiyaan biyya osoo hintaane naannoodha.

Haata'u malee, qorattoonni hedduun eenyummaan kun humnaan uummatichatti akka fe'ame 'ascribed' ibsu. Ijoon ibsa isaaniis eenyummaan diidoon 'alien identity' kun sirna siyaasaa biyyatti daheeffachuun biyya afaan, aadaa, ilaalchaafi amantaa tokkoon ijaaruuuf carraaqii taasisuun eenyummaa bu'uuraa Oromoo dhore isaati (Asafa, 2015; Abbas, 2012). Qabiyyee kitaabota barumsaa keessa seenee biyyummaa isaatiin osoo hintaane, naannummaa isaatiin qabiyyee barumsa Afaan Oromoo keessa seene. Kun ammoo akka Itoophiyaan itti Oromoo beektutti dhiyeessuudha. Akka uummanni tokko itti of beekuun dhiyeessuun misooma biyyaafi aadaatiif murteessaa akka ta'e (Kidd, 2002) barreessesse jira.

Eenyummaan bu'uuraa inni sadaffaan qabiyyee barumoota afaanichaa ta'e Afaan Oromooti. Afaan Oromoo eenyummaadha; agarsiisuu eenyummaatis. Akka eenyummaatti, qama Oromoofi aadaa isaati. Kun ammoo, carraaqiin xiqqeesaa ykn misoomsaa Oromoorra gahu Afaan Oromoo, kan afaanicharra gahus Oromoo gaaga'uu isaa agarsiisa. Akka Fairclough (1989:22-3) barreessetti, "Language is a part of society ... Language phenomena are social phenomena, and social phenomena are language phenomena," jedhuun walfakkaata. Downs (1998:3) tokkumaa kana "Language is a society; society is its own language," jechuun ibsee jira. Addunyaa (2023:1) yaada kana cimsuun "Afaan, hawaasaafi aadaan sadan tokkummaa jireenyaati 'trinity of life,'" jechuun hidhata cimaa qabaachuu isaanii ibse. Madden kanarraa Afaan Oromoo, Oromoofi aadaan isaa adda baanaan meeshummaa isaanii malee eenyummanaan isaanii xiyyeeffannoo akka dhabu hubanna. Oromoon Afaan Oromootiin, Afaan Oromoos Oromoodhaan waan beekamuuf, dhiibbaan isa tokkorra gahu isa biraas hinhankaaku. Oromoon gahumsa afaan isaatti fayyadamuu hindandeenyes eenyummaawwan bu'uuraa keessaa tokko dhabe jechuudha.

Akka qaama aadaafi uummataatti ilaalamuu cinaatti, Afaan Oromoo eenyummaa fayyadamaas qaba. Eenyummaa kana keessaa tokko gaanfa Afirikaatti afaanota bal'inaan dubbataman keessaa sadarkaa 3^{ffaa} irratti argamuudha (Tilahun, 1995; Amiid, 1995; Tamene, 2000 fi Adugna, 2009). Inni biraa, uummata Sirna Gadaa walqixxummaa dhala namaatti amanuuf afaan dhalootaa ta'uudha (Yosef, 2016; Asafa, 2018).

Gama Xinqooqaatiinis, Afaan Oromoo caacullee 'elements' ittiin beekamu kan sadarkaa balballoomsa afaanicha garaagaraati argaman qaba. Caacullee kana keessaa adeemsa bayyaannachiisuuf taasisamu keessatti jalqaba xiyyeeffannoo kan argate sirna barreeffamaa 'Orthography' afaanichaati. Akka Afaan Oromoo sirna afaan hojii ta'een namoonni afaanichaan leenjisanaman hinturre. Ta'uyyuu, Oromoonni biyya keessaafi alaa kanneen afaanota ambaatiin leenji'an akka qubee barsiisan taasisaman. Kanaafis, hojii qubee afaanichaaf ta'u madaqsuurratti duraan hojjetame sakatta'uu, hubachuu, kan dafee hubate ammoo uummata hubachiisu haala idilummaa qabuun itti fufe. Sirni barreeffamaa

Afaan Oromoo xiyyeeffannoo kan argateef, qabata, 'reason' garaagaraatu jiru. Gama kanaan, Dagneh (2015) qabatoora bu'uuraa lamaaf akka xiyyeeffatame barreesse. Inni tokko qubeefi sirni barreeffamaa afaanichaa haaraa ta'uudha. Sirni barreeffamaa Afaan Oromootiif madaqe haara ta'uu isaa, ormas ta'ee Oromoon afaanicha(an) baratee milkaa'uurratti shakkii itti uume.

Qabanni lammataa, galmoo qubeefi sirni barreeffamaa Afaan Amaaraatiin waggoota dheeraaf keessatti hojjetaa ture keessatti hojiirra hooluu isaati. Filannoofillee yoo dhiyaate, qubee duraan ture kan ormis ta'ee oromoonni hedduun ittiin baratan filachuun qubee haaraa kan yeroo jalqabaatiif haala idilee keessatti itti fayyadamuuf madaqe filachuurra salphatu tilmaamuun hinrakkisu. Kanaafuu, Oromoon, jaarmiyaaleen siyaasaafi mootummaa naannichaa qabatoota kana dura dhaabachuuf xiyyeeffannoo laachuufiin dirqama ture jechuudha. Qabanni cimaan Deggineen hinkaasin kan sirni barreeffamaa Afaan Oromoo akka xiyyeeffannoo argatu taasise inni biraan, ilaalcha jaarraa tokkoo oliif jechaafi gochaan Oromooti lallabamuu dhaqnaan fudhatedha. Afaan Amaaraa afaan saba beekaa akka ta'eefi afaanicha beekuun miseensa warra "Waaqayyo filatee" ta'uu akka ta'etti uummatichatti lallabamaa ture (Mohammed, 1994; Makuria, 1994; Fayisa, 1996). Lallabni haasaa Oromoo dhuunfate dhawaata akka inni ilaanyicha dhaqnaan fudhatuufi itti amanu taasise. Ilaanyi haasaa/dubbiifi akkaataa yaaduu Oromoo dhuunfate kun ammoo akka inni afaaniifi saba Amaaraatiif dursa kennu, dhawwata dhaabbilee hawaasaa keessatti hirmaannaan isaa akka haphisu taasise. Haala kanaan, alkan tokkotti sirna barreeffamaa Afaan Amaaraa dhiisee Afaan Oromoo filachuun ittiin hojjechuun waan eegamu hinturre. Jeffe, Androutsopoulos, Sebba and Johanson (2012:14) ilaacha sirna barreeffamaa irratti hawaasa afdaneessa keessatti mul'atu akkana ibsan.

Orthographical practice is an integral part of ideological practice of a society functioned to link sociocultural identities to scientific identity, and to create attitudes towards the orthography...the linguistics and discursive practices of orthography of a society in multilingual nations establish hegemonic ideology of the majority language suppresses mental and discursive identity of minority groups.

Maddi kun sirni barreeffamaa deggersa siyaasaa argatee hojiirra oole tokko dalagaaleefi yaada fayyadamtootaa dhuunfachuun addaddummaa dhoruuf humna akka qabuufi yaalii sirna barreeffamaa biraa filachuutti gufuu akka ta'u agarsiisa. Kanaan mirga afaanii kanneen biroo sarbuuf aniisaa qaba. Itoophiyaa keessatti sabaafi sablamoonni biyyattii qubee Saabaarraa madaqe galmoo idileefi alidilee keessatti akka qubee Itoophiyaatti 'Ethopic script,' akka fudhataniifi itti fayyadaman sirni siyaasaa biyyattii dirqisiisaa ture (Wandimu, 2019).

Kanaafuu, yeroo Afaan Oromootiin galmoo idilee keessatti hojjechuun hayyamame xiyyeeffannoo qubeefi sirna barreeffamaa afaanichaarratti hubannoo uumuu 'awarness creation' taasise dirqama yeroon sun barbaadu ture jechuudha. Yeroo sanatti, daa'immaan umriin isaanii barumsaaf gahanirraa eegalee hanga gaheessotaafi buleeyyiitti akka qubeessuu baratan taasise. Yeroo gabaabaa keessattis qubeefi sirna barreeffamaa afaanichaarratti uummanni fedhii guddaafi hubannoo gahaa horachuun ibsitoota 'expressions' *Qubee quba koo*, *Qubee qubeelaa koo*, *Qubee eenyummaa koo*, *eenyummaa afaan koo*," jedhaniin eenyummaa afaan isaanii ta'uu beeksisatan. Haala kanaan, Qubeefi sirni barreeffamaa Afaan Oromoo eenyummaa uummata itti

fayyadamuufi dhaabbilee ittiin hojjectanii ta'e. Fayyadamtoonni kunis maqaa *Dhaloota Qubee* 'Qubee Generation' jedhu uumatan. Yeroo jalqabaatiif, nama dhuunfaas ta'ee garee ykn dhaabbata maqaa kana moggaase beekun qorannoo biraa barbaaduyyuu, maqaan dhaabbilee daldalaa dhuunfaa akka Qubee Electronics, 'Qubee TV jedhamaniifi walootti maqaaleen bara qubee jedhaman baayinaan jiraachuun, umriin isaa umrii afaanichaan haala idilee keessatti hojjechuutiin walgituu agarsiia. Dhaloonni maqaa kanaan of waamuu eegale eenyummaa isaa nibeeka; mirga isaas nifalmata; akka mallattoo jijjiiramaattis fudhatamee ture. Eenyummaa fedhaan ijaarrate kanaan walbaree, of baree waliinis waliifis bare. Gabateen armaan gadii qaamolee *Dhaloota Qubeetiin* of ibsan agarsiisa.

(5)

Lak.	<i>Dhaloota Qubee</i>
1	Mootummaa Naannoo Oromiyaa Biirooleefi Waajjiraalee Oromiyaa keessa jiran hunda
3	Manneen barnootaa, daldalaa Oromiyaa keessaa
4	Dhaabbilee Siyyaasaa 1991 booda hundaa'an (OPDO, KFO, WFDO, Gadaa Partiifi...)
6	Oromoo qubeen barreessuu, barachuufi barsiisuu ittiin eegale
7	Sabaa-himaalee (OBN, OBS, OMN, VOA Afaan Oromoo, Fanaa Rediyoo, BBC Afaan Oromoo, Faanaa Afaan Oromoo, Waltaa Afaan Oromoo, Addis Standard...)
8	Baankiiwwan (Baankii Oromiyaa, Baankii Gamtaa Oromiyaa, Baankii Gadaa, Baankii Siinqee...)
10	Kollejjiiwwan Barsiistotaa Naannoo Oromiyaa
11	Muummee Afaan, Ogbarruufi Fookloorii Oromoo Yuunvarsiiistota keessaa
12	Aartistootaafi barreessitoota Oromoo
13	Wadaa Barressitoota Oromoo

Qubeen eenyummaa namoota ittiin barreessuufi dubbisuu, ittiin barsiisuufi barachuu akkasumas, dhaabbileefi waajjiraalee qubeedhaan hojjechuu eegalani hundaati jechuudha. Eenyummaa waloo kanaan ilaalcha *Qubee Saaba* qofaan dubbisuufi barreessuu jedhu dura `dhaabachuun danda'amee jira. Hanga har'aatti namoonniifi dhaabbileen akkasumas, sirni Qubee Afaan Oromootti amanee ittiin hojjetu eenyummaa isaa taasisata jechuudha. Kanaafuu, eenyummaa afaaniikun akkuma eenyummaawwan kanneen biroo yeroo yerootti miseensota horachaa, qulqullinnii isaa cimaafi fudhatama horachaa deema. Faallaa kanaa ammoo fudhatama dhabsiisuuf, jijjiiruuf yaaliin taasisamus hindhibu.

Qubeen Afaan Oromoo sagaloota qaamolee dubbii 'speech organs' Oromootiin uumaman guutummaatti bakka bu'a; Maqaafi tartiiba ifa ta'e (Aa, Bb, Cc, CHch, Dd...Zz) qaba; Baay'inaan murtaawaa (33-4) ta'uufi salphaatti baratamuu danda'uun, hariiroon qubeefi sagalee gidduu jiru tokkoofi tokko ta'uun eenyummaa afaanii qubichaati. Hariiroon qubeefi sagalee afaanichaa tokkoofi sagalee tokko, sagaleen tokkos qubee tokkoon bakka bu'a jechuudha (Tilahun, 1993) Eenyummaan tokkoofi tokkoo 'phoneme-graphem correspondence' ta'uun, haala salphaan akka baratamu taasisuura taree afaanichis ulaagaa saayinsii afaanii waraabbii ittaanee jiruun ibsame guuta.

In a phonemic orthography, the primary case of correspondence between grapheme and phoneme, fulfills these conditions: a) in any context, the given

grapheme is pronounced as the same phoneme, i.e., there is only one phoneme to which the grapheme corresponds. b) in any context, the given phoneme is written as the same grapheme, i.e., there is only one phoneme corresponding to one grapheme (Sgall,1987:10-11).

Walirrummaa sagaleefi qubee ‘phoneme-grapheme mapping’ Afaan Oromoo afaanota keessaa addatti akka beekamuufi saayinsawaa taasisuun yaali kallattii kamiinuu qubee biraa afaanichaaf bocuuf taasisamu fudhatama dhabsiise. Eenyummaan sirna barreeffamaa afaanicha inni biraan jabaafi laafaa (bb: b, cc: c, dd: d, ff: f, gg: g...zz: z), dheeraafi gabaabaa (aa:a, ii:i, ee:e, oo:o fi uu:u)fi irrabuta (bl, mb, lm, rb, rb) fa’i. Birsagoonni sirna kanaan uumaman jelqabaafi dhumarratti hinjabaatan; irras hibutaman. Kun ammoo jechoota afaanichaatiifis nihojjetu.

Eenyummaan qindoomina himoota afaanichaas MAG (Matima, Aantimaafi Gochima). Kunis mataan gaalee Afaan Oromoo jalqaba ykn dhuma caasaa gaaleerratti argama jechuudha. Fakkeenyaaf, mataan galee maqaa caasicharraa gama bitaatti, kan gaalee gochimaa ammoo gama mirgaatti argamuu hubanna (Abarraa, 1996.; Baye, 1986). Kunis eenyummaa caasaa akka qabiyyee barumsa afaanichaatti kitaabota barnootaa keessatti akka baratamaniif qophaa’anidha.

Gahumsa caaslugaa cinaatti, qabiyyeen kitaabota Afaan Oromoo gahumsa hawaasummaa, gahumsa waalleefi gahumsa tarsiimowaa horachiisuu akka danda’utti qophaa’e. Gahumsoonni kunis barsiistonniifi barrattoonni afaanicha gadi fageenyaa yaaduufi xiinxaluu akka danda’aniif dhihaate. Kun ammoo, afaanicha dubbachuufi barachuu qofaan osoo hintaane, akka Oromooti yaaduu, jiraachuufi hojjechuun argamu. Barattoonniifi barsiistonni gahumsa haala kanaan argamu akka hotaramaniif, eenyummaan bu’uuraa Oromoo qabiyyee kitaabota barnoota afaanicha ta’anii turan jechuudha. Kunis guddina sammuu, hawaasummaa, afaaniifi aadaa argamsiisuun misooma keessatti qooda fudhachuuf carraa bane.

Akka qorannoon agarsiisuttis kaayyoon bu’uuraa barumsa afaan abbaas kanuma. Tupas (2023:1) yaada kana yoo ibsu, “The mother tongue uses as a language education is vital for effective pedagogy, cognitive development, linguistic human right recognition, social justice, cultural and identity connection,” jedha. Haaluma walfakkaatuun, Khatoon (2012:10) “The contents of mother tongue education foster strong sense of belongingness, preserves cultural values and knowledge, contributes to a positive self-image, foster academic success, enhance understanding, critical thinking, self-confidence, and preserving cultural heritage, while neglecting mother tongue in education negatively impact identity, development and academic performance,” jechuun ibsee jira. Kanaafuu, barumsi Afaan Oromoo gahumsa hundagaleessa ‘holistic competence’ horachiisuun barsiistonniifi barrattoonni misooma naannichaa keessatti akka hirmaataniif, saayinsii afaan abbaa hordofuun barachuufi ittiin barachuu akka danda’aniiifi afaanota ambaa barachuufillee humna akka ta’uuf, qabiyyeewwan kitaabotaa 1996n dura qophaa’anii tumsa guddaa qabu. Dalagaaleen bayyaannachiisa barnoota afaanichaarratti waggoota kurnan jalqabaa keessa raawwatamaa turanis haala kana dhugoomsu.

Xiiqeffannaan hojjechuufi qabsaa'uun sabboontota Oromoo ilaalcha hooggantoota MBFI irratti dhiibbaa geessisuun Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa Jimmaatti 1989, Kolleejjii Barnootaa Barsiisotaa Adaamaatti ammoo 1990 banamanii sadarkaa dippiloomaatti sagantaa gannaafi idileetiin Afaan Oromoo(tiin) barsiisuufi baratamuu eegale. Kolleejjonni kun namoota kutaa 5-8 barsiisan leenjisanii baasuun rakkoo humna namaa afaanicha(an) barsiisuurratti jiruuf furmaata ta'an.

Barsiistonni kolleejjota lamaaniitti leenjisanii bakka ramadaman hundatti barnoota afaanichaa hundeen lafa qabsiisuurra taranii sabboonummaa Oromoo haalaan jajjabeessan. Dhiibbaa gama siyaasaatiin isaanirratti raawwachaa ture dandammatanii kutannoon eenyummaa hawaasichaa barnoota ammayyaatiin walsimsiisanii barsiisuu itti fufan. Kun barnoonni afaanicha sadarkaa itti aanutti akka ce'uuf ka'umsa ta'e. Barattoonni, barsiisonniifi hayyoonni Oromoo biyyaa keessaafi biyyaan alaa quba walqabaachuun Afaan Oromoo dippiloomaaraa gara digirii 1^{ffaa}tti ceesisuuf hojjechuu eegalan. Adeemsi kunis qorannoorratti akka hundaa'u itti gaafatamummaan Kolleejjii Barsiisotaa Jimmaatiif kenname (Mitikkuu, 2017).

Akka ragaan sakatta'a dokimentiirraa argame agarsiisutti, Kolleejjii barsiistotaa Jimmaa yeroo gabaabaa keessatti qorannoo geggeesse Afaan Oromoo digirii jalqabaatti banuun rakkoo barsiistota afaanichaa mudatee⁹fi hanqina humna namaa afaanicha(an) barsiisuurratti jiru furuuf yeroo mijataan jiraachuu mirkaneesse. Argannoo kanas BBOtiif dhiyeesse. Argannoo kana bu'uureffachuun BBO kora hayyoota Oromoo, piredidaantota yuunvarsitotaa Itoophiyaa keessaa muraasaafi barsiistota Afaan Oromoo hirmaachse qopheesuun bu'aa qorannichaa ibsee afaanicha gara digiriitti guddisuuf haalli mijataan jiraachuu qorannoon mirkaneessuu isaa hirmaattotaaf ibse.

Mormiin guddaan pirezidaantota yuunvarsitotarraa koricharratti hirmaatanirraa ka'ullee, ciminaafi ejjennoo hooggantoota BBOfi Biiroo Ijaarsa Dandeettii Oromiyaa (BIDO) akkasumas, sabboontota Oromoo walgayicharratti hirmaataniitiin Afaan Oromoo digirii 1^{ffaa}n akka banamu irratti walii galame. Bu'uuruma kanaan, barnoonni afaanichaa bara 1993 sagantaa gannaatiin, 1994 ammoo sagantaa idileetiin Yuunvarsitii Jimmaafi Haroomaayaatti digirii duraatiin banamee baratamuu eegale.

Akka hirmaattonni marii garee taasisamee ibsanitti, Afaan Oromoo digiriitti banamuuf aarsaa guddaa warra kaffalan keessaa muraasni Obbo Mallasaa Dhiyeessaa (Hoogganaa BIDO), Obbo Ittafaa Margaa (Hoogganaa BBO), Obbo Margaa Dabaloo (Hojjetaa BBO), Obbo Tashoomaa Dhaabaa (Hojjetaa BBO), Obbo Mitikkuu Dibbeessaa (Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa Jimmaa) maqaa dhahuun nidanda'ama. Afaanicha sadarkaa dippiloomaas ta'ee digiriitti banuuf akkuma aarsaan guddaan kaffalame, erga banamanii afaanichaa(an) barsiisuu eegalaniis sabboontota hedduu aarsaa kaffalchiisan (Aarsaa kaffalaman muraasa 3.3. jala ilaala) Afaanichi sadarkaa digiriitti banamuun barsiistonni bara 1989 irraa eegalaniis sagantaa Gannaafi Bonaatiin dippiloomaan eebbisamanii barsiisaa turaniif carraa argamsiise. Kana malees, afaanicha barsiisuurratti

⁹Rakkoon yeroo sanatti barsiistota Afaan Oromoo mudate sadarkaa barumsa itti aanutti ce'uu dadhabuudha. Barsiistonni dippiloomaan kolleejjota garaagaraarraa Afaan Amaaraafi Afaan Iniliziitiin eebisaman yeroo gabaabaa keessatti digirii jalqabaa barachuu yoo eegalan, barsiisonni garuu qabatuma afaanicha barataniif, carraa kana dhaban. Barreessaan waraqaa kanaas warra carraa kana dhaban keessaa tokko ture. Maddi rakkoo kanaa afaanichi sadarkaa digiriitti banamuu dadhabuudha.

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa

hanqina barsiistotaa mudate furuufi biirooleefi waajjiraalee mootummaafi kan dhuunfaa keessatti afaanichaan hojjechuurratti rakkoo tureefis furmaata ta'e.

Hojii afaanicha bayyaannachiisuu cimee iti fufuudhaan, yeroo gabaabaa keessatti Afaan Oromoo barachuun digirii 1^{ffaa} rraa gara digirii 2^{ffaa}tti, yeroo dheeraa booda ammoo gara digirii 3^{ffaa}tti ceesisuun baratamaa, qo'atamaafi qoratamaa har'a gahe. Armaan gaditti maqaa yuunvarsiitotaafi kolleejjota Afaan Oromoo sadarkaa garaagaraatti barsiisantu dhiyaatan.

(6)

Lak	Yuunvarsiitota	Sadarkaalee Afaan Oromoo tti barsisamu			Kolleejjota
		Digirii 1 ^{ffaa}	Digirii 2 ^{ffaa}	Digirii 3 ^{ffaa}	Dippiloomaan
1	Jimmaa	✓	✓	✓	Jimmaa
2	Wallaggaa	✓	✓	✓	Asallaa
3	Finfinnee	✓	✓	✓	Roobee
4	Bulee Horaa	✓	✓	✓	Mattuu
5	Mattuu	✓	✓		Naqamte
6	Madda Walaabuu	✓	✓		Adaamaa
7	Arsii	✓	✓		Kamisee
8	Amboo	✓	✓		
9	Silaalee	✓	✓		
10	Dambidoolloo	✓			
11	Maqelee	✓			
12	Bahiir daar	✓			
13	Odaa Bultum	✓			
15	Haroomaayaa	✓	✓		
16	Dirre Dhawaa	✓			
17	Dillaa	✓			
18	Booranaa	✓			
19	Kotobee	✓			

Dhaabbiilee barnootaa olaanoo kana keessatti muummeen Afaan Oromoo akka Oromoon itti of ilaaluufi of ibsu barsiisuuf sirna barumsaa maddi beekumsa isaa Sirna Gadaa ta'e dhibullee, sirna barootaafi dhaabbata bu'uurri isaanii ilaanya cafaqaa ta'e keessatti haabarsiisamu malee, hanga tokko fuulduratti tarkaanfachaa ture.

Yuunvarsiitota olitti sagantaaleen isaan qaban waliin tarreessaman keessatti barattoonni waggaa waggaa simatamanii leenjisan hedduu turan. Mumme yuunvarsiitota kana keessaa kamiinuu caalaa barattoota simachaa kan ture Muumme Afaan Oromooti.

Waggoota 30 oliif baay'inni barattoota simatamanii leejjisamaa turanii tilmaamuuf, baayinni baraattootaa Idilee kan bara barnootaa tokkoo gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru.

(7)

Lak	Yuunvarsiiitota	Baay'ina barattootaa kan waggaa tokkoo			Ida'ama
		Digirii 1 ^{faa}	Digirii 2 ^{faa}	Digirii 3 ^{faa}	
1	Jimmaa	160	20	5	185
2	Wallaggaa	50	5	7	62
3	Finfinnee	197	24	10	231
4	Bulee Horaa	51	10	7	68
5	Mattuu	60	-	-	60
6	Madda Walaabuu	80	-	-	80
7	Arsii	120	-	-	120
8	Amboo	120	16	-	136
9	Silaalee	47	-	-	47
10	Dambidoolloo	92	5	-	97
12	Bahiir daar	57	-	-	57
13	Odaa Bultum	36	-	-	36
15	Haroomaayaa	143	11	-	154
16	Dirre Dhawaa	49	-	-	49
17	Dillaa	120	-	-	120
19	Kotobee	41	-	-	41
<i>Ida'ama</i>		<i>1423</i>	<i>91</i>	<i>29</i>	<i>1543</i>

Ragaan (7) jalaa akka ibsutti, bara barnootaa tokkotti baay'ina barattootaa simataniin Yuunvarsiiitonni sadarkaa 1-5tti jiran Finfinneen 231 (1^{faa}), Jimmaa 185 (2^{faa}), Haroomayaan 154 (3^{faa}), Amboon 136 (4^{faa}), Diillaafi Arsiin ammoo walqixa 120 (5^{faa}) ta'u. Bara akka iddattootti fudhatametti baay'inni barattoota tokkoon tokkoon yuunvarsiiitota jiran seenanii 36fi 231gidduu jira. Yuunvarsiiitota jiran keessaas warri jalqabaa afuran barattoota digirii 1^{faa} hanga digirii 3^{faa}tti baratan qabu turan. Baay'inni barattoota Afaan Oromoo waggaa tokkotti yuunvarsiiitota Itoophiyaa seenanii digirii 1ffaan 1423, digirii 2ffaan 91 fi digirii 3ffaan 29 turan. Walumaa galatti, bara tokko qofa baay'inni barattoota Afaan Oromoo digirii 1ffaa-3ffaatti yuunvarsiiitota biyyattii keessa turanii 1543 jechuudha. Kun ammoo xiyyeeffannoon bayyaannachiisaan jiru hagam akka ta'e hubachiisa.

Xiyyeeffannoon barnoota afaanichaatiif kennamu ittuma fufee bara 2011 irraa eegalee Finfinnee, bakka yeroo dheeraaf Afaan Oromoo irraa buqqa'e, keessatti barnoonni afaanichaa akka eegaluu taasisame. Jalqabarra, maneen barnootaa afur akka addaatti 'in a special case' banaman. maneen barnootaa kunis akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

(8)

Manneen barnootaa	Bara hundeessamaa	Kutaa
Waaqoo Guutuu	2011	1-8
Burqaa Waayyuu	2011	1-8
Gaara Guurii	2011	1-8
Taaddasaa Birruu	2011	1-8

Hundeeffamni manneen barnootaa kanaa barnoota Afaan Oromoo Finfinnee keessatti eegaluun eenyummaa Oromootiif beekamtii kennuu ture. Sirna kabaja hundeesama manneen barnoota kanarratti haasaa Pireezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa-Obbo Lammaa Magarsaa- taasisan akka ibsutti kaayyoon hundeesama maneen barnootaa kanaa Jeneraal Taaddasaa Birruufi Jeneral Waaqoo Guutuufaa yaadachuu qofa osoo hintaane, gootonni akka isaanii akka dhalataniif ta'uu namoonni sirnicharra turre dhageenyee jirra. Maneen barnootaa kun jalqarra BBOtiin hoogganamaa turan. Boodarra ammoo Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee jala galan. Bara 2011-2015tti kutaa 1-8tiitti Afaan Oromootiin barsiisaa turan. Itti dabalees maneen barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee hedduu keessattis kutaarraa eegalee maneen barnoota hedduu keessatti akka barumsa afaaniitti, muraasa keessatti ammoo akka afaan barumsaatti hanga kutaa saddeetiitti tajaajilaa ture.

Gabaabumatti, barnoonni Afaan Oromoo eenyummaa afaanii, aadaa, uummataa, naannoo Oromoo wiirtuu taasisatee guddina uummatichaatiif akka gumaachuuf hojjiwwan bayyaannachiisuu hedduun hojjetamanii jiru. Kunis barnoota afaanichaa eenyummaa bu'uuraa Oromoo irratti ijaaruu carraaqii jalirroo taasisamee saayinsiifi teekinooloojiin walsimsiisuun ogummaan baratootaa akka gabbatuuf tgumaachee jira. Haala kanaan, afaanichi hanga digirii 3^{ffaa}tti barsiisuun danda'ame. Afaan Oromoo hanga sadarkaa kanaatti barachuufi barsiisuun akka meeshaa qaruu. Ittiin hojjechuuf qophaa'uu malee ofii isaatiin hojii hojjechuu miti jechuudha.

Afaan Oromootiin hojjechuun afaanichaan baratani isumaan barsiisuu, afaanichaan baratani isumaan kalaquudha. Kanaaf ammoo, haalli mijataan sadarkaa 2^{ffaa} irraa eegalee hanga kolleejjii yuunvarsititti deema. Dalagaaleen bayyaannachiisuu afaanicha gara sadarkaa kalaqaaf mijataa ta'e kanaatti ceesisuu hindandeenye. Kanaafuu, akka barnoonni Afaan Oromoo itti eegameefi garri inni itti aggaamame walbuuse. Carraaqiin bayyaannachiisaas gufatee jira. Dalagaaleen gufachiisan karaa mul'ataafi dhokataa ta'een dhaabbiilee barnootaatiin afaanicharratti hojjetamaa turan. Hojjetamaas jiru. Kunis tarsiimoo itti ladachiisaatiin (irra deebi'anii xiqqeessuutiin) utubame. Matadureen itti aanu tarsiimoo kanaafi dalagaalee tarsiimichaan masakaman ibsa.

3.4. Itti ladachiisaa

Akka aadaa Oromootti, jechi *itti ladachiisa* jedhu, Gadaa keessatti laduu kan jedhuun alatti, hiika dhukkubarraa erga bayyaannatanii ykn rakkina keessaa erga bahanii booda dhukkubni ykn rakkinni sun deebi'ee itti hammaachuu agarsiisuuf fayyadamama. Bu'uuruma kanaan, barnoota Afaan Oromoo deebisanii xiqqeessuu ykn bayyaannachiisa eegale duubatti deebisuuf yaalii taasisame agarsiisuuf jechi *itti ladachiisa* jedhu fayyadamame. Jechi kun qo'annoofi qorannoo kanaan duraa keessatti bal'inaan hinbeekamu. Qabanni isaa afaan uummata tokkoo xiqqeessamuu jalaa bahuun haala idilee keessatti beekamtii argatee erga tajaajilarra oolee booda deebi'ee xiqqeessame ragaan agarsiisu waan hinjirreefi. Kaayyoon guddaan tarsiimoo *itti ladachiisaa* deebisanii humna dhabsiisuudha. Kun ammoo adeemsa hojiin tokko hordofaa jiru, kaayyoo hojichaaf bahe, xiyyeeffannoo hojichaaf taasisamuufi haala hojiin sun keessatti raawwatamu hubuun kan biraa bayyaannachiisuuf karoota hojiirra ooludha. Kanaafuu, tarsiimoon kun haallan faallessoo 'oppositional' ta'an keessatti fayyadamama. Haalli tokko hir'isaa 'subtractive' yoo ta'u, inni biraan dabalaa 'additive' ta'a. Haallan kun

ergaan takkaa raawwatan. Tokkorraa hirsisee tokkotti waan dabaluuuf, tokko humneessuuf jecha kan biraa humna dhabsiisa. Kana jechuun, siyaasa tokko cimsuuf siyaasa biraa dadhabsiisuu, aadaa tokko guddisuuf kaan xiqqeessuu, tajaajila afaan tokkoo bal'isuuf jecha kan afaanota kaanii dhiphisuufi wkf gochaawwan haala dhoraa keessatti raawwatamani. Tarsiimoon gooroon *itti ladachiisaa* jedhu tarsiimoo gooree xiyyeeffannoo dhabsiisuu 'de-emphasizing' jedhu haammata.

Afaan Tarsiimoon xiyyeeffannoo dhabsiisuu hojii dhimmamtoota (barattoota, barsiistota, hojjettoota) Oromoo mogolee buusuuf ykn humna dhabsiisuuf itti fayyadamame. Adugna (2019: xx). "De-emphasizing strategy is employed to lessen stockholder's attentions towards something based on prioritized political, social, religious, cultural and economic goals," jechuun barreessee jira. Tarsiimoo kana Van Leween (2008:69), "A de-emphasizing strategy intentionally employed to reduce the performance and importance of a particular process, works and focusses by promoting interests and attention to another for strategic intent," jechuun ibsa. Akkuma madden kanarraa hubannu, xiyyeeffannoo dhabsiisuun itti yaadamee dhimmi tokko yaada, gochaafi jecha dhimmamtootaa keessatti bakka akka hinarganne taasisuudha. Gama afaaniitiin tarsiimoon xiyyeeffannoo dhabsiisuu afaan dhoramuu jalaa bahee galmoo idilee keessatti tajaajiluuf carraa argate karaa sirnaawaa ta'een deebisanii xiqqeessuuf karoora bahee itti fayyadamudha. Kaayyoon guddaan tarsiimoo kanaa dhimma siyaasaa ykn maqaa beekamtii biyyaa 'national pried' jedhuun afaan tokko moosisuuf adeemsa taasisamudha. Adeemsi kun afaan qabata kanan filatame moosisuuf jecha afaanota uummata bal'aa miidhuuf tooftaa sirna siyaasaatiin dhimma itti bahamudha. Itoophiyaa keessattis sirni cafaqaa tooftaa kanatti fayyadamuun Afaan Amaaraa moosisuuf jecha afaanonni biyyattii 80 ol akka hinmisoomne taasisaamaa ture. Tarsiimoon xiyyeeffannoo dhabsiisuu kun 1991 boodallee dhawaata barnoota Afaan Oromoo dadhabsiisuuf dhaabbilee barnootaatiin itti fayyadamamaa har'a gahe.

Yaaliin barnoota Afaan Oromoo xiyyeeffannoo dhabsiisuuf taasisaman keessaa muraasni qormaata guutuu biyyaa keessaa haquu, dhaabbilee barnootaa olaano akka hinceene danquu, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo kitaabotaafi dhaabbilee barnootaa keessaa baasuu, wayitii barumsa afaanichaa tokkotti galchuu, afaanicha kutaa 11fi 12tti filannoo taasisuu, hooggantootaafi barsiisota barnoota afaanicha danquufi waggoota soddomaaf afaanichaan barachuun kutaa 8ffaatti hudhanii qabuudha. Gara 'communicative purpose' qofa leellisuun Afaan Oromoo akka akaakuu barumsaa tokkootti bara 1989 qormaata guutuu biyyaa kan kutaa 12ffaa irra dhufee ture. Kun ammoo barrattoonni Oromoo hedduun qabxii yuunvarsitiifi kolleejjii isaan galchu argachuuf gumaacha guddaa taasise. Barattoonni bara sana qabxii argatanii 1990 kolleejjota seenanii muummee afaanii galan kutaa 10ffaafi 12ffaarratti beekumsi isaanii madaalamee waan darbeef, barnoota isaanii kolleejjii keessaatti baay'ee ciccimoo turan. Kanaaf ammoo kutaa 9ffaa-12ffaatti xiyyeeffannoon barachuu isaaniitu qabata cimaadha. Qormaanni sadarkaa sadarkaatti jiraachuuf qabanni bu'uuraas qabiyyee barnootaa xiyyeeffannoo aragchiisuu, fooyya'iinsa argame adda baasuu, adeemsa sana keessa beekumsaafi ogummaa horachiisuufi gahumsa horatame madaaluun sadarkaa itti aanuuf qopheessuudha (Larski, 2000).

Haata'u malee, baroota itti aananitti Afaan Oromoo qormaata seensaa keessaa haqame. Kun ammoo barumsa afaanichaa kutaa 11ttaafi 12ffaa xiyyeeffannoo dhabsiise.

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa

Barattoonni kutaalee kanaa afaanichi qormaatarra waan hindhufneef, qo'achuun haaturuu wayitii itti baratamuttuu dareetti argamuufillee kaka'umsa dhaban. Qormaata seensa dhaabbilee barnootaa olaano keessaa haqamuun barumsa afaanichas kaayyo-maleessa 'objectiveless' taasisuun beekumsaafi ogummaa gabbifatamutti gufuu ta'uurra darbee egeree afaanichaarratti badii horachuu dadhabsiise. Barattoonnis gahumsa sadarkaa sanatti horatamuu qaban dhabuun ofitti amanamummaa dhabsiise. Kanarraan kan ka'e, barattoonni beekumsa barumsaa kanneen biroorratti qabaniin madaalamani darbuun yuunvarsitiifi kolleejjii seenan muumme Afaan Oromoo galuu nisodaatu. Beekumsiifi ogumman isaanii madaalamaa waan achi hingenyeef, kaka'umsaafi xiyyeeffannoo afaanicha barachuus kutaa 10ffaatti waan dhaabaniif, muumme Afaan Oromoo hinfilatan. Akkanaa qawwi sadarkaa barumsaa afaanichaa tokkotti uumamu egeree barumsaafi barattootaatti gufuu ta'e jechuudha, Kun ammoo MBFI barumsa Afaan Oromoo deebisee xiqqeessuu ykn duubatti deebisuu achumarraa eegale jechuudha.

Bara kolleejjiin barnootaa Afaan Oromoo(tiin) barsiisuu banames MBFI qajeelfama baaseen dhiibbaa hi'eentaa geessisaa ture. Qajeelfamni yeroo sana bahe barsiistonni dhaabbilee leenjiitii bahan kutaa 1-4 akka barsiisan, warri kolleejjiirraa eebbisaman 5-8, namoonni digirii 1ffaafi 2ffaa qaban ammoo 9-12 akka barsiisan ajaja. Sadarkaa barnootaa kaa'ameen ala barsiisuun seeraan akka nama adabsiisus akeekkachiise. Akka qajeelfamaatti rakko hinqabu; akkasiin raawwachuunis waanuma barbaadamu. Haata'u malee, ministeerri barnootaa qajeelfamicha baasu kun barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaa 1ffaa marsaa 2ffaa barsiisuuf afaanichaan leenjisanman akka hinjirre beeka. Akka namoonni yeroo sana waajjira barnootaa keessa hojjechaa turan himanitti, ministeerri barnootaafi aangawoonni yeroo sanaa karaa garaagaraatiin adeemsa barnoota Afaan Oromoo danqaa turan. Karaa tokkoon, barsiistonni dhaabbata leenjiitii bahan muuxannoo qabaniin marsaa 2ffaa keessatti akka hintajaajille qajeelfamaan daangessan. Karaa biraan. kolleejjonni afaanicha(an) 5-8 leenjisan akka hinbanamne dhiibbaa godhan.

Dhiibbaa hooggantoonni yeroo sanaa geessisan keessaa taateen yeroo Kolleejjiin Barnoota Barsiisotaa Jimmaa baname ta'e haqa ture ibsa. Kolleejjichi barattoota qormaata biyyoolessaa kutaa 12^{ffaa} darbanii ramadaman keessaa warra Afaan Oromoo dubbachuufi dhaggeeffachuu danda'an calalee ji'a lamaaf akkuma barsiiseen, barattoonni muraasni jeqanii jeeqsisuu eegalan. Dhaadannoon isaanii "Afaan laga nama hinceesisneen hinbarannu," kan jedhu ture. Kun barattoota kolleejjichaa bakka sadiitti hire: Afaan Oromootiin barachuu warra morman, warra deggeraniifi guddu nyaattee. Barreessaan waraqa kanaa barattoota afaanichaan barachuu deggeran keessaa tokko ture. Qaamoleen garaagaraa jeequmsicha dhaabuu yaalan. Jalqaba hooggantoota kolleejjichaa, ittaansuun hooggantoota barnootaafi hooggantoota siyaasaa Godina Jimmaa, boodarra hooggantoota Biiroo Barnootaa Oromiyaatu barattoota tasgabbeessuu yaalan. Hirmaannaa kanaan, jeequmsi ji'a tokkoof ture tasgabbaa'ee barumsi addaan cites itti fufe. Leenjistonniifi leenjisaamtoonnis yeroo barnootaa gubate bakka buusuun qabiyyeewwan hafan xumuruuf ko'oommatan. Afaanicha(an) barachuufi barsiisuun kan ji'oottan jalqabaa lamaanii caalaa hawwisiisaa deeman.

Akkuma mammaaksa, "Namni jiruu isaa hedata; duuti ammoo nama hedatti," jedhamuu, jeequmsi dhaabatee ji'a tokko booda oduun gaddisiisaan dhaga'ame. Innis, Afaan Oromootiin barsiisuun dhaabatee Afaan Ingiliziitiin akka itti fufu," kan jedhu ture.

Oduun dhagame dhugomee saayinsiin uumamaa (baayooloojii, Keemistiriifi Fiiziksii), saayinsii hawaasaa (Seenaafi Jii'ogiraafii, siiviksii) fi Herregni Afaan Ingiliitiin akka barataman, barattoonni Afaan Oromoo dubbachuufi dhaggeeffachuu dadhabuun osoo hinsimatamin hafanis akka deebi'anii baratan BBO ajaja dabarse. Kun bulchiisa, barsiistotaafi barattootaa kolleejjichaa mogolee buuse. Booda keessa ka'umsi jeequmsicha yoo qoratamu, nama Bulchiinsa Naannoo Oromiyaatti hoogganaa olaanaa ta'e tokkoon rawwatamuutu hubatame. Barreeffaamni nama yeroo sana kolleejjichatti barsiisaa turerraa fudhatame dhimmicha akkanaa ibsa.

(9)

Afaan Oromoo dubbachuufi dhaggeeffachuu dadhabuun barattoota Kolleejjiin Barnoota Barsiistotaa Jimmaa geggeesse keessaa tokko obboleetti haadha warraa nama sadarkaa Bulchiinsa Naannoo Oromiyaatti aangoo olaanaa qabuuti. Intalattiin akkuma har'amteen gara Biiroo Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa deemtee himatte. Innis karaa barattoota isheen beektuu jeequmsii akka uumamu taasisuun afaanichaan barsiisuu dhaabuuf qabanni cimaan akka uumamu ajaje jedhan. Qabata kanaan, leenjiin Afaan Oromootiin kennamea jiru akka dhaabatuufi Afaan Ingiliziitiin akka itti fufu qama olaanaarraa ajajni BBO qaqqabe. Kun ta'uu baannaan, BBO irratti tarkaanfiin akka fudhatamus akeekkachiisni kenname. Biirichis dabaree isaa Bulchiinsa kolleejjichaa akeekkachiise. Kanumaan baachiin jalqabaa Afaan Ingiliitiin akka baratamu taasisame (Mitikkuu, 2017:13).

Taatee ragaa (9) jalaa keessatti dhiyaaterraa aangooti garmalee gargaaramuutu 'power abuse' mul'ata. Aangawoonni Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa, BBOfi hooggantoota Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa Jimmaa yeroo sanaa ajaja walharkaa fuudhanii dabarsuun waggoota lamaaf Afaan Oromootiin akka hinbaratmne taasisan. Aangawoonni harka wayyaa jalaatiin akka kolleejjiin Afaan Oromootiin barsiisan hinbanamne danquun milkaa'uu dhadhaban, erga banamees cufuuf haalli uummataa isaan sodaachise, murtee afaanichaan barachuu dhaabsisuurra akka gahan namoonni yeroo sana hojjetoota biiroo barnootaa turanis nidubbatu.

Barattoonni kolleejjichatti Afaan Ingiliziitiin akka baratan taasisaman erga eebbisamanii ammoo Afaan Oromootiin barsiisuuf dirqaman. Adeemsi akkasii kun mammaaksa Oromoo "Akka duwwaa hintaaneeff cuuphadhu; akka itti hinqabanneef ammoo ittii firfirsi," jedhuun walfakkaata. Afaan Ingiliziitiin leenjisananii Afaan Oromootiin barsiisuun qabiyyee barnootichaa eenyummaa Oromooti adda baasuuf yaalii taasisamudha. Yaaliin kun qaama afaanota ambaa xiyyeeffachuun afaanota abbaa xiyyeeffannoo dhabsiisuuti. Namoonni akkaataa baratanitti barsiisu. Warri afaanota ambaatiin baratan malleeniifi qabiyyeeffannoo afaanota sanaarratti ogummaafi beekumsa horatan. Afaan abbaa isaanii yoo barsiisanis sanuma hojiirra oolchu yaalu. Kun ammoo, kaayyoo barumsa afaan abbaa osoo hintaanee, kan afaanota ambaa galmaan gaha. Afaan Ingiliziitiin baratamee Afaan Oromootiin akka barsiisamu kan taasisameefis kaayyoo barnoota Afaan Oromoo maqsuufi.

Hoogganaan aangoo isaatti fayyadamuun ajajeefi hooggantoonni angoo isaanii tursachuuf ajaja isaa hojiirra oolachanis yeroodhaaf barnoota afaanichaatti danqaa ta'an. Akkuma mammaaksa 'Bakka na dhukkubu miti bakka gooftaan koo jedhe na kooba,' jette garbittiin jedhamuu, fedhii abbaa aangoo guutuuf jecha barnoota Afaan Oromoo isa jaarraa tokkoo oliif hakuucamee bayyaannachuu eegale xiyyeeffannoo dhabsiisuun sirrii hinturre. Akka Mitikkuu (2017) ibsetti taatee kanarraa fedhiin abbootii aangoo hagam

dhimma uummataa karaarraa maqsuufi carraa uummataarratti murteessuu akka danda’u hubanna.

Yaaliin Afaan Oromoo(tiin) barachuu duubatti deebisuu namoonni ragaan kennan irra deddeebiin himan inni biraan, kolleejjii barnootaa diigamuudha. Akka isaan ibsanitti, BBO kolleejjonni Oromiyaa keessaa Afaan Oromootiin barsiisuurratti fedha dhabaa dhufe. Danqaan yeroo jalqaba kolleejjonni banamanii ture dhoksaan ittuma fufe. Dhiheenya kana tooftaan qancarsuufi burjaajessuutu kolleejjotarratti raawwate. Jalqaba kolleejjonni gara digiriitti akka guddatan taasisaman. Yeroo kana Afaan Oromoo(tiin) akka baratamu ta’e. Barsiisonniifi barattoonni dhuguma se’anii gammachuudhaan hojii isaanii itti fufan. Osuma isaan nyaatanii qomarraa hinbuufatin, qajeelfamni ‘Afaan Oromootiin barsiisuun hafee Afaan Ingiliziitiin akka itti fufu’ jedhu biiroorraa dhaqqabe. Abdiifi honneen gammachuu deebi’ee gadde. Barsiisota hedduu mogoleen bu’ee boquun cabe. Carraan isaanii Afaanuma gooftonni jedhaniin itti fufuu ta’e. Afaan Ingiliziitiin barsiisuunis oolee osoo hinbulin akka hafu ta’e. Sana booda dhimmoonni afaan abbaas ta’ee afaanota ambaa kolleejjii keessaa baafamee dhimmoonni biraa itti seenan. Kanaan, tooftaan Afaan Oromoo quucarsuufi qancarsuu sadarkaa kolleejjiitti hojiirra oole.

Haaluma walfakkaatuun, carraaqqii Afaan Oromoo sadarkaa digiriitti guddisuu gufachaa ture. Pireezidaantonni dhaabbiilee barnootaa olaano, ministeerri barnootaa biyyattiifi geggeessitoonni siyaasaa yeroo sanaa gufuu guddaa turan. Pireezidaantonni Yuunvarsiitii Finfinneefi Jimmaa rakkoo tokkummaa, hanqina baajetaafi humna namaa qabata taasisachuun akka afaanichi yuunvarsiitii isaanii keessatti hinbanamne cimsanii morman. Mariin garee hojjetoota BBO yeroo sanaa waliin taasisame akka agarsiisutti, Afaan Oromoo digirii jalqabaatiin akka banuuf xalayaa BBO Yuunvarsiitii Finfinneef barreeseef deebii Pireezidaantii Yuunvarsiitichaa kenneefi yaanni deebicharratti biiroon kenne akka kanaan gadiitti dhiyaatee jiru.

(10)

Hanqina barsiistota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} keessaa furuuf, afaanicha digirii jalqabaatiin banamuun barbaachisaa ta’uu qorannoon Kolleejjiin Barnoota Barsiistotaa Jimmaa geggeesse BBO biratti fudhatama argate. Biiroon keenya Yuunvarsiitii Finfinnee Afaan Oromoo digirii 1^{ffaa}n akka banu xalayaadhaan gaafate. Yuunvarsiitichi garuu Afaan Oromoo digiriin bane barsiisuun tokkummaa Itoophiyaa akka gaaga’u ibsuun xalayaa mallatoo pireezidaantii qabuun deebii laate. Biiroon keenyas, deebichi sirrii akka hintaane xalayaadhaan si’a lammataa gaafachuun Pireezidaantichi irra deebi’ee akka itti yaadu gaafate. Inni garuu diddaa isaa itti fufe. namoonni Kanaan yaaliin Afaan Oromoo digirii duraatiin Yuunvarsiitii Finfinneetti banuu fashalaa’e (Afgaaffii 25/1/2018 nama BBO keessa ture waliin taasisamerraa argame).

Gaaffiifi deebii barreeffamaan Pireezidaantii Yuunvarsiitii Finfinneefi BBO gidduutti taasisamerraa ilaanya walmormaa ‘contrasting ideology’ lama akka jiru hubanna. Inni tokko, ilaanya cafaqaa kan tokkummaan Itoophiyaa Afaan Amaaraa qofa(an) barachuun eegama jedhudha. Ilaanyi kun sirnoota siyaasaa Itoophiyaa 1931-1974 turaniin leellisamaa ture. Kanarraa ka’uun, dhaabbileen mootummaa hunduu Afaan Amaaraafi afaanota alaatiin akka hojjetanitti ijaaraman. Ijaarsi kun ammoo afaan tokkoo oliin hojjechuu akka gufuu guddinaafi qabata diigumsa tokkummaa ilaala (Smith, 2007; Asafa, 2007; Yosef, 2016). Tokkummaa biyya kan jedhames olaantummaa gartuu aangoo siyaasaa qabateefi gadaantummaa uummata bal’aatiin mirkanaa’aa ture. Pireezidaantiin Yuunvarsiitii Finfinnees Afaan Oromoo digiriin jalqabsiisuu kan mormeeff, ilaanya kana bu’uureffateeti. Inni lammataa, ilaanya sabdaneessaa kan addaddummaa kabajuufi

Itoophiyaa keessatti bara 1991 booda hojiirra ooledha. Hoogganaan BBOs ilaanya kana dhaabbata barnootaa bu'uurri isaa ilaanya dhoraa ta'e keessatti afaanichi banamee mirgi afaanii Oromoo akka eegamuuf dhugaa jiruun deggeruun gaafate.

Pireezidaantiin Yuunvarsiitii Jimmaas gama isaatiin hanqina baajetaafi humna namaa qabata taasisachuun yuunvarsiitichi Afaan Oromoo digirii duraatiin banuuf akka rakkatu ibse. Pireezidaantichi seera dhaabbilee barnootaa olaanoon barreeffamaan qaban, hojiirratti ammoo haalarratti hundaa'uun jijjijiiran dahoo taasisachun mormii isaanii dhiyeessan. Kunis, namni Afaan Oromoo digirii Iffaan barsiisu afaanichaan digirii 2ffaafi isaa ol qabaachuu qaba kan jedhudha. Pireezidaantichis namni afaanichaan digirii qabuuyuu waan hinjirreef, seera kana hordofuun gaafficha achumatti dhaabisa yaada jedhu qaba. Haata'u malee, afaanoni hunduu yeroo dippiloomaas ta'ee digiriitti banaman nama afaanichaa sadarkaa sanaafi isaa oliin leenji'an akka hinqabne osoo beekanii yaada hinfakkaanne kaasuun danqaa ture jechuudha.

Ciminnifi bilchinni yaadaa hayyoonniifi kutannoon hooggantoota BBO yeroo sanaa gaaffii hooggantoota Ministeera Barnootaa Itoophiyaa yaaddoo keessa galchuun ilaalcha duraan qabaniin itti fufuu akka hindandeenye taasisse. Kana malees, gaaffiin Afaan Oromoo digirii jalqabaatiin banuurratti mormiin ture kan dhaabate erga oduun isaa Obbo Mallasiif (Ministeera Muummee Itoophiyaa) dhiyaatee, Mitikkuu (2017:18) yoo ibsu, "Ministeerri barnootaa federaalaa 'Oromiyaan Afaan Oromoo digiriin barsiisuu eegalla jedhanii maal haagoonu?' jedhee Obboo Mallasiin gaafate. Mallasis deebisee 'Osoo Afaan Amaaraa digiriin eegalla jedhanii isin gaafatanii dhuftanii na gaafattuu?' jedhee debiseef". Sana boodaa, afaanicha danqurraa of qusatan," jechuun barreesse. Kun hooggantoonni ministeera barnootaa biyyatti yeroo sanaa guddina barnoota Afaan Oromoo hudhee qabuu agarsiisa.

Akka ragaan afgaaffiin argame agarsiisutti, adeemsa barnoota afaanicha bayyaannachiisuuf taasisamaa ture maseensuuf moogsi faayidaafi doorsisni siyaasaa taasisamaa akka ture hubanna. Gama faayidaatiin, hooggantootaaf maallaqni jireenyaa isaanii jijjiiruufi Itoophiyaan alatti umrii guutuu maatii isaanii waliin isaan jiraachisuu danda'u leellistoota sirna duraaniirraa dhiyaachaafii akka ture himan. Haata'u malee, faayidaan ittiin moogsaman Oromoorra akka isaanii hincaalle itti himuun diduu isaanii ibsanii jiru. Moogsa faayidaatiin isaan dadhabnaan, doorsisa siyaasaa, yaalii ajjeechaa, hidhuufi biyyaa har'uun dhoksaafi mul'inaan isaanirratti geggeessamaa akka tures kaasanii jiru. Barnoonni Afaan Oromoo har'a barsiisotaafi hojjetoota biirooleefi waajjiraalee mootummaa hedduu keessaatiif jireenyaafi tursa aangoo ta'e haala kanaan hundaa'ee jechuudha.

Yaaliin barnoota Afaan Oromoo xiyyeeffannoo dhabsiisuu inni lammataa, agarsiistuu eenyummaa Oromoo qabiyyee barnootaa keessaa baasuudha. Kanaafis qabiyyeewwan kitaabotaa bara 1996n duraafi booda maxxansamanii walbira qabuun ilaaluun yaalamee jira. Akkuma ragaan kitaabota sanarraa argame mul'isuttu ibsitoonni, seenessamoonni, matadureewwan, dubbisoonni, afoolawwaniifi mallattooleen akka Oromoon itti of beekuuf ooganiifi akka ormi itti Oromoo beekuun oodani hedduun isaanii kitaabota kutaa 1-12fi moojuloota keessaa dhabamsiisamuun kanneen dhimmoota kanarraa bilisa ta'an barreessamanii maneen barnootaafi kolleejjotaaf raabsaman. Kanaanis tajaajilli meeshummaa afaanichaa dhawaata cimaa, tajaajilli eenyummaa isaa suuta laafaa akka

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa

deemu taasisame. Kanas BBOtu raawwate. Biiron kun dhiyeenyuma kana mallattoo Odaa duraan loogoo isaarra keewwatee eenyummaa uummataatiif beekamtii kenna ture irraa haquun gochaa duubatti deebisuu barnoota afaanicharratti harka wayyaa jalaatiin raawwachaa ture ifatti baase. Biiron dhimma barnootaa naannichaa abbummaan geggeessuuf amaanaan itti kenname erga haga kana yaalii xiqqeessaa barnoota afaanicharratti geggeessee, “Abbaan daboo cuubannaan daboon nifaffatatti; sangaa abbaan gaafa cabse ormi ija jaamsa,” jedhamee yoo itti mammaakameefi xiqqeessa kanarra ulfaataa yoo ormi raawwate hagam maal akka jedhu biirichatu beeka.

Yaaliin barnoota afaanichaa xiyyeeffannoo dhabsiisuu inni 3ffaan wayitii barnoonni Afaan Oromoo torbeetti ittiin baratamu sadiirraa tokkotti xiqqeessuudha. Xiqqeessi kun altokkoon hintaasisamne. Bara 2016 wayitii tokko hir’isuun lamatti xiqqeessame. Bara 2017s tokko irraa hir’isuun afaanichi torbeetti altokko qofa akka barsiisamu taasisame. Qabiyyeen kitaaba afaanichaa garuu isuma torbeetti wayitii sadiin barsiisamuuf qophaa’edha. Kanas kan hojjetu BBOti. Karaa tokkoon, biiron kun safuufi aadaa uummataichaa sirna barnootaa keessa galchee barsiisuun eenyummaa uummataatiif beekamtii kenna jira jedhee waltajjii garaagaraafi sabaa-himaalee addaddaatiin beeksisa. Kana ammoo maneen barnootaa keessattis raawwachaa jira.

Karaa biraan, barnoonni Afaan Oromoo akka xiyyeeffannoo dhabuun kutaa jahatti akka daangessamu taasisaa jira. Kanaaf ammoo maneen barnoota Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin hanga kutaa saddeetiitti barsiisaa turan gara kutaa jahaatti deebisuun maleenyaa xiqqeessaatiif fakkeenya garii ta’a. Dhimma kana ragaan aafgaaffiin argame armaan gadii caalaatti ibsa.

(11)

Manneen barnootaa	Hanga kutaa 8tiitti	Kutaa 6tti kan deebi’e
Waaqoo Guutuu	2011-2015	2016
Burqaa Waayyuu	2011-2015	2016
Gaara Guurii	2011-2015	2016
Taaddasaa Birruu	2015-2015	2016

Manneen barnootaa maqaan isaanii (11) jalatti tarreessaman Finfinnee, magaalaa handhuura Oromoo taate, keessatti banamanii wagoota shaniif Afaan Oromoo(tiin) hanga kutaa saddeetiitti erga barsiisanii booda, kutaa jahatti akka deebi’u taasisame. Kunis bara 2016 irraa eegalee kutaan 7^{ffaa}fi 8^{ffaa}n Afaan Oromootiin barsiisuurraa gara Afaan Ingiliziitiin barsiisuutti deebi’an. Adeemsa kana hordofuun maneen barnootaa magaalicha keessatti kutaa 7^{ffaa}fi 8^{ffaa} afaanichaan barsiisuu eegalanis gara Afaan Ingiliziitti jijjiiratan. Kun ammoo, sirna barnootaa Itoophiyaa afaanota abbaatiin barachuu hanga kutaa jahaa qofaatti daangesse tumsuudha. Kan BBO Afaan Oromootiin hanga kutaa saddeetiitti barsiisuu danqaa jirus akka Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee aluma tokkoon ka’ee barnoota afaanichaa kuta jahatti deebisuuf uummata sodaata. Akkuma mana jigsuun meeshaa ittiin ijaarame tokko tokkoon keessaa luqqisuun geggeessamu, barnoota afaan uummata haga kana gahuu deebisanii xiqqeessuunis haala sirnaawaa ta’een irr-jalaan hubuun akka ta’etti amanu jechuudha.

Yaaliin barnoota Afaan Oromoo xiyyeeffannoo dhabsiisuu inni 4^{ffaa}n, kutaa 11^{ffaa}fi 12^{ffaa}tti filannoo taasisuun dhiyeessuudha. Barattoonni kutaalee jedhaman kana keessatti

afaanicha filatanii hinbaranne taanaan, barataan yuunvarsiiiti galu hinjiratu. Barattoonni akkuma ta'an ta'anii kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa}tti afaanicha wayitii tokkon barachuun kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa}tti filatanii barachuun yuunvarsiiiti seenananiis Muumme Afaan Oromoo galuuf niyaadda'u. Yaaddoon kunis bakka 'position' afaanichiifi barsiistonni afaanichaa sirna siyaasaa Itoophiyaa keessatti qaban bu'uureffata.

Kanaafuu, barnoonni Afaan Oromoo bakka murteessaatti hudhame. Ijoolleen umuriin isaanii kutaa 1-4 barachuuf gahan dubbisuuf baratu. Dalagaaleen waajjirri barnootaa, barsiistonniifi qopheessitoonni sirna barnootaa sadarkaa kanaatti raawatanis kaayyoo kana galmaan gahuufi. Kaayyoon sirna barnootaa kutaa 5-8 ammoo barachuuf dubbisuu 'read to learn' waan ta'eef, hojiin sadarkaa kanatti hojjetamus marti hubachuu 'comprehending' irratti xiyyeeffata. Sadarkaan kunis isa itti aanuuf yeroo qophiiti. Barnoonni afaanichaa sadarkaa qophii kanatti daangessame jechuudha. Ilaanya kana bu'uureffate. Kanaafuu, kutaa 1-8tiitti afaanicha(an) barachuun yeroo itti kalaqaaf qopphaa'an malee, yeroo haala qabatamaa bu'aa saayinsiifi teekinooloojiin walqabsiisuun kalaqaa itti qophaa'an miti.

Yoomessi sirriin barattoonni kalaqaa itti eegalan sadarkaa 2^{ffaa} (9-12) keessatti. Sadarkaan kun saayinsiifi teekinooloojiitti madaquun bu'aa isaaniitiin hojjechuuf bakka ijoolleen afaaniitiin, qaamaan, umuriin, sammuufi ogummaan itti bilchaataniifi gadi fageessanii yaaduu itti danda'ani. Barattoonni gulantaa barnootaa kanarra gahan afaan isaaniitiin salphaatti yaadrimeefi adeemsa saayinsiifi teekinooloojii hubachuun kalaquu danda'u. Kanaafuu, sadarkaa sanatti Afaan Oromootiin barsiisuufi barachuuf carraa dhiphisuun afaanichi afaan saayinsiifi teekinooloojii akka hintaane, beekumsi saayinsiifi teekinooloojiis afaanichaan hojjiirra akka hinoole taasisuudha.

Barattoonni afaan abbaa isaaniitiin, haala keenyatti, Afaan Oromootiin, digirii 1^{ffaa} qaban gara digirii 2^{ffaa}tti, kan digirii lammataa qaban ammoo gara digirii 3^{ffaa}tti akka hinguddisannes maqaa qormaata seensa Yuunvarsiiiti 'GAT/NGAT'¹⁰ jedhuun taasisamus danqaa guddaadha. Qabiyyeen qormaataa barattoota afaan abbaatiif ta'uufi dhiisuun isaa hinbeekamu. Kanaafuu, barataan Oromoo tokko waan muuxannoo isaa keessaa hinqabne akka qoramu dirqisiisama jechuudha.

Barnoota Afaan Oromoo xiyyeeffannoo dhabsiisuun qancarsuufi quucarsuuf yaaliin ministeera barnootaattin taasisame kan biraa tartiiba, sagaleefi maqaa qubee Afaan Oromoo jijjiiruu yaaluudha. Qabanni jijjiirraa kanaas mala salphaarraa gara walxaxaatti deemuun salphaatti daa'imman akka baratan taasisuuf haajedhamu malee, boodanarra kan hubatame eenyummaa qubee duraan ijaarame diiguudha. Kunis yaalii afaanicha akka afaanota ambaatti barsiisuuf taasisamu keessaa tokko. Barreessaan waraqaa kanaas odeeffannoo namoota kitaaba barumsa kutaa 1^{ffaa} bara 2012 barreessan irraa argateen, wanti qubee afaanicharratti taasisamaa jiru sirrii akka hintaane warra leenjisiifi qindeessanitti himuun mormaa turullee, dhageettii hinarganne. Boodarra dhimmicharratti dubbiin hawaasa keessaa finiinee kaanaan BBO deggeruun ibsa akka kennu irra deddebiin gaafatamus, duranuu mormaa waan tureef, diduun qama dhimmicha dura dhaabbatan waliin qorannoo geggeessuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyeessuun akka sirraa'uuf gumaachi isaa guddaa ture.

¹⁰ GAT/NGAT - Graduate Admission Test/ National Graduate Admission Test jechuudha.

Addunyaa Barkeessaa Dhiinsaa

Walumaa galatti, kaayyoon guddaan tarsiimoon itti ladachiisaa barnoota Afaan Oromoorratti itti fayyadamamee adeemsa bayyaannachiisuu gufachiisuudha. Kanaanis, bakkuma gahetti dhaabsisuu, yoo danda'ame ammoo duubatti deebisuudha. Kanaafis, sadarkaa sadarkaatti karaa mul'ataafi dhokataa ta'een barnoota afaanichaa dura dhaabbachuun hojii xiqqeessuu irratti raawwachuun abjuu dhugoomedha. Qormaata keessaa haquun, Afaan Oromootiin barachuun akka hineegalle dhiibbaa uumuun, yoo eegale ammoo qancarsuun, dhimmamtoota faayidaan moogsuun, siyaasaan doorsisuun, qabiyyee barnoota eenyummaa uummaticharraa bilisa taasisuun, waan afaanichaan barreessame guuranii saamsuun, wayitii afaanichi ittiin baratamu xiqqeessuun, barumsa afaanichaa filannoo taasisuufi bakka murtaawaatti hudhanii qabuufi wkf danqaalee bu'uuraati. Kun marti barnoota afaanichaa xiyyeefannoo dhabsiisuufi uummaticha xiqqeessuun ilaalcha afaan tokko qofaan biyyi beekanti jedhu bakkatti deebisuufi.

Danqaaleen MBFifi BBOtiin barnoota Afaan Oromoorratti taasisamaa turan sadarkaa yeroo ammaa barnoota afaanichaa dhaabbilee barnootaa olaanoofi maneen barnootaa keessatti irra jirurraan gahan. Ragaan itti aanu. agarsiistuu baay'ina barattoota Yunvarsiiitti keessatti Muummee Afaan Oromootiin Simataman kan bara 2018 agarsiisa. Raga kana isa (7) jalatti dhiyaatee waliin ilaaluun barnoonni afaanichaa garamitti deemaa akka jiru hubachuu dandeessisa.

(12)

Lak	Yuunvarsiiitota	Baay'ina barattootaa Muummeen Afaan Ida'ama Oromoo bara 2018 simatee barsiisaa jiru			
		Digirii 1 ^{ffaa}	Digirii 2 ^{ffaa}	Digirii 3 ^{ffaa}	
1	Jimmaa	10	-	-	10
2	Wallaggaa	12	2	2	16
3	Finfinnee	-	-	-	-
4	Bulee Horaa	14	-	-	14
5	Mattuu	-	-	-	-
6	Madda Walaabuu	39	-	-	39
7	Arsii	-	-	-	-
8	Amboo	18	-	-	18
9	Silaalee	30	-	-	30
10	Dambidoolloo	7	5	-	12
11	Maqeele	-	-	-	-
12	Bahiir daar	-	-	-	-
13	Odaa Bultum	-	-	-	-
14	Waloo	-	-	-	-
15	Haramayaa	-	-	-	-
16	Dirre Dhawaa	-	-	-	-
17	Dillaa	14	-	-	14
18	Booranaa	-	-	-	-
19	Kotobee	-	-	-	-
<i>Ida'ama</i>		<i>144</i>	<i>7</i>	<i>2</i>	<i>153</i>

Baay'inni barattoota Muummee Afaan Oromoo simatee barsiisaa jiru kan duraarraa baay'ee gad bu'aadha. Agarsiistuun kanaas muummeen afaanichaa kanaan bara tokkotti barattoota 1543 barsiisaa ture bara kana barattoota 153 simatee barsiisaa jira. Kunis kan bara barattoota 1543 qabuurraa harka kudhaniin gad bu'uu agarsiisa. Lakkoofsi

barattoota gadi bu'uun ku ammoo xiyyeeffannoon afaanichaaf laatame gadaanaa ta'uu nu hubachiisa.

4. Cuunfaafi Goolaba

Akka ibsa 3.1-3.3 jalatti taasisameetti, sirna barnootaa Itoophiyaa keessatti Afaan Oromoo ilaalchisee tarsiimoolee xiqqeessaa, bayyaannachiisaafi itti ladachiisaatu fayyadamame. Tarsiimoon xiqqeessaan Afaan Oromoo akka galmoo alidilee keessaa hinbaane taasisame. Afaanicha galmoo alidilee keessatti daangessuun afaan barreeffamaa akka hintaaneefi dhaabbiilee hawaasummaa kanneen akka barnootaa, siyaasaafi qonnaafaa keessatti idilummaan akka hintajaajille hudhee qabe. Hanga bara 1991 jijjiiramni siyaasaa taasisamutti sirni barnootaa biyyatti tarsiimoo xiqqeessaa kanatti gargaaramuun afaanicha carraa guddinaa dhabsiise. Kun ammoo kalqa eenyummaa bu'uuraa uummaticharraa argamu ukkaamsuun, afaanota ambaa kan walquunnamtii qofaaf tajaajilu akka barachuufi ittiin barachuu taasisa. Tarsiimoon kun Afaan Oromoo kan dubbattoota bal'aa qabu xiqqeessee Afaan Amaaraa kan dubbattoota afaanichaa gadii qabu guddisuu qofa osoo hintaane, hanguma afaanota alaa warraa galmoo biyyicharraa fagoolllee hanqise.

Tarsiimoon inni lammataa Afaan Oromoo bayyaannachiisuuf itti fayyadamame. Tarsiimoon kun jijjiirama siyaasaa 1991 hordofuun mirga afaan ofii(tiin) barachuu argameen Afaan Oromoos hubaatii irra gahe jalaa bahee akka baratamuufi ittiin baratamu taasisuuf itti fayyadamame. Tarsiimichaan utubamuun barnoota Afaan Oromoo bayyaannachiisuuf sadarkaa afaanicha(an) itti baratamu murteessuun, biiroo barnootaa banuun, sirna barnootaa akka biyyaatti qophaa'e madaqsuun, qubee afaanichaarratti hubannoo uumuun, kitaabota barnootaa sadarkaalee garaagaraatti tajaajilan qopheessuun dalagaalee yeroo gabaabaa keessatti rawwatamani. Afaan Oromoo hacuuccaa jaarraa tokkoo olii jalaa bahee afaan barumsaafi barumsa afaanii ta'uun baay'ee Oromoo gammachiisee. Haala kanaan uummanniifi deggersi dhaabbilee siyaasaa walsimachuun sadarkaalee barnootaa hundarratti xiyyeeffannoo argate. Eenyumma isaas taasisatee 'Dhaloota Qubee' jedhee of moggaase. Afaan isaa hanga digirii 3^{ffaa}tti barachuu, kutaa saddeetiitti akkasumas, sadarkaa dippiloomaatti ammoo ittiin barachuun waggooga soddomaa ol lakkoofsise. Haata'u malee, adeemsi barnoota afaanichaa dhiibbaarraa bilisa hinturre. Dhiibbaan tureefi jiru dhimmamtoota hedduu aarsaa kaffalchiisee afaanichas sadarkaa barbaadamurra akka hingeenye taasisa. Kun ammoo tarsiimoo duubatti deebisuu ykn itti ladachiisuutiin deggeramaa ture.

Tarsiimoon itti ladachiisaa ammoo barnoota Afaan Oromoo carraa bayyaannachuu eegale haala inni duraa keessa turetti deebisuu ykn qancarsuufi quucarsuuf sirnatti hidhamee itti fayyadamame. Tarsiimoon barnoota afaanichaa bakka murteessaa ta'etti hudhae. Sadarkaan inni itti baratamuufi barsiisamu gidduutti addaan cite akka qaawwi uumamu taasisuuf qormaata kutaa 12^{ffaa} keessaa haquu, kutaa 9-12tti xiyyeeffannoo dhabsiisuu, eenyummaa Oromootti adda baasuu yaaluun, sadakaa 1^{ffa}tti daangessuu yaaluun agarsiistuuwwan duubatti deebisuuti.

Ibsa tarsiimoolee barnoota Afaan Oromoorratti dhimma itti bahamaniirraa waan lama hubachuu dandeenya. Inni tokko, barnoonni Afaan Oromoo yoo misoome, ilaanya 'Afaan tokko-biyya tokkoo-uummata tokko' jedhutti gufuu ta'a yaaddoo jedhudha. Ilaanyi kun guddachuuina Afaan Oromoo akka xiqqaachuu Afaan Amaaraatti fudhata. Bu'uuruma kanaan, sirni siyaasaa biyyattii Afaan Amaaraa galmoo biyyoolessaa

keessatti itti fayyadamuufi kabaja biyyaatiif oolchuuf carraaqa. Sirni barnootaa Itoophiyaas kan afaanonna abbaa hanga kutaa 6 qofatti akka ittiin baratamaniif bahes carraaqqii isa bu'uraati. Ministeeri barnootaa sirna barnootaa hoogganus jalqabarraa eegalee barnoota Afaan Oromoo danqaa ture. Kanaafuu, yaaliin barnoota afaanichaa dadhabsiisuuf taasisamu hundi sirna barnootaa mul'ataafi dhokataa akka biyyaatti qophaa'u hordofa. Biiron barnootaas itti waamamni isaa ministeera barnootaa waan ta'eef, danqaaleen barnoota Afaan Oromoo dura kaa'us sirna barnootaa sana hojiirra oolchuufi. Hooggantoonni BBOs akka waan afaanicha guddisaa jiraniitti haadubbatan malee, kan isaan dubbataniifi hojjetan waldhiituun arrablamee isaan taasisee jira.

Ibsa taasisamerraa kan hubatamu inni biraa, BBO Afaan Oromoo(tiin) barsiisuurratti ilaalchi inni qabu gadaanaa ta'uudha. Kanarraan kan ka'e, barnoota Afaan Oromoo eenyummaa Oromoorraa adda baasuu yaaluun, qabiyyee barnootaa afaanichaa akka yaaddoo siyaasaatti ilaaluutu calaqqisa. Kunis hubannoo barnoota afaan abbaa dhabuu gofa osoo hiantaane, beekumsa barnoota afaanota ambaarratti jiru bu'uureffata. Barnoonni Afaan ambaa walquunnamiif tajaajiluu bira taree kalaqaafi argannoo aadaa ormaarraa madde waan dhiyeessuuf, muuxannoo barattootaarraa fagoodha. Barnoonni afaan abbaa garuu dhimmoota aadaa, siyaasaafi amantaa waan bu'uureffatuuf, bulchitoota asootti 'loal administration' hintolu. Kun ammoo, barnoota afaan abbaa jibbuufi kan afaanota ambaa filachuutuf karaa saaqa. Wiirtuun guddina biyya tokkoo barnoota afaan abbaa waan ta'eef, filannoon akkasiisii akka gufuutti ilaalama. Itoophiyaanis barnoota afaan abbaa kanneen akka Afaan Oromootiif kabaja dhabuun wiirtuu guddina ishee danqe.

Gaalchoon 'implication' tarsiimoo xiqqeessaafi itti ladachiisaatti fayyadamuu eenyummaa Oromoo warra bu'uraa, kan yoo carraa argatan Itoophiyaarra taranii Gaanfa Afrikaatuu fudhatama argachuu danda'an, quucarsuudha. Tarsiimoon quucarsaan kun Oromummaa, ilaanya faallaa ilaanya Itoophiyummaa, balleessuun ilaalcha 'Afaan tokko-uummata tokkoo-biyya tokko' jedhu barnoota keessatti moosisuuf karoofame. Kana fiixa baasuuf, barnoota Afaan Oromoo sadarkaa kalaqaaf barattoota qopheessuutti (kutaa 9-12) hudhuun hojii duraa ture. Kun ammoo, Oromoon afaan isaa(tiin) barachuun eenyummaa isaa misoomsuuf carraa dhabsiisuun, Oromoo afaan ormaatiin barachuun qe'eerraa fagaate akka oomishan taasise. Gaalchoon tarsiimoo bayyaannachiisaa ammoo ilaanya daneessummaa jaarraan 21^{ffaa}n barbaaduu hojiirra oolachuufi mirga afaanii Oromoo kabajchiisuun afaan saayinsiifi teekinooloojii taasisuudha. Barnoota afaanichaa eenyummaa Oromootiin walqabsiisuun barattoonni misooma aadaa, siyaasaafi naannoo keessatti akka qooda fudhataniifi rakkoo uumamuuf furmaata waarawaa barbaaduuf haala mijeessa. Kanaaf ammoo Afaan Oromoo(tiin) barachuun sadarkaa 2^{ffaa} fi yuunvarsitiin biyyattii keessatti akka kennamuuf carraaqqi taasisamu tumsa.

Wabiilee

Abarraa Nafaa. (1996). *Caashuga Afaan Oromoo*. Jil-1, Finfinnee: Brahnna Printing Enterprise.

Abbas Haji (2012). *Conquest and resistance in the Ethiopian Empire 1880-1974*. Toronto: Brill Publishing.

- Addunyaa Barkeessaa (2020). *Natoo. Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Mana Maxxansaa Meeggaa, Finfinnee: Oromiyaa.
- Adugna Barkessa (2019). "Discursive strategies of Oromara: A critical discourse analysis of Abiy Ahamed's political rhetorics" in *Journal of Social Science and Humanities*.
- Adugna Barkessa (2009). *Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo*. Viladmir Verlag Publication: Germany
- Althusser, L. (1971). "Ideology and ideological state apparatuses." In *Lenin and philosophy and Other Essays*, 121-173. London: Verso.
- Ansah, G. N. (2014) "Re-examining the fluctuations in language in-education policies in post- independence Ghana" in *Journal Multilingual Education* 4(12) Retrieved from <http://www.multilingual-education.com/content/4/1/12>
- Asafa Jalata, (2018). "The Oromo struggle: Knowledge and Oromo agency in the age of globalization." *Journal of Oromo Studies*. 25(1and 2): 25-61
- Asafa Jalata (2010) *Oromummaa: National Identity and the Politica of libration. and Identity*. In Sociology Publications and Other Works https://trace.tennessee.edu/utk_sociopubs/13
- Asafa Jalata (2007) "The concept of Oromummaa and Identity formation in the contemporary Oromo society" in *Sociology Publications and Other Works* https://trace.tennessee.edu/utk_sociopubs/10
- Bach, J. (2014). "EPRDF's nation-building: Tinkering with convictions and pragmatism." *African Report* N- 153. Retrieved from <https://journals.openedition.org/cea/pdf/1501>
- Baye Yimam (1986). "The phrase Structure of Ethiopian Oromo." Unpublished PhD dissertation, School of Oriental Studies.
- Blackledge, A. (2005). *Discourse and power in a Multilingual World*. Amsterdam: John Benjamins.
- Blommaert, J. (2005). *Discourse. Key Concept in Sociolinguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Chowdhury, R, and Kabir, A. H. (2014). "Language wars: English Education Policy and Practices in Bangiladis." In *Multilingual Education* 4(21) doi:10:1186/s13616-0140021-2.
- Degeneh Bijiga (2015) "The Development of Oromo Writing System". Unpublished PhD dissertation, University of Kent, downloaded from <https://kar.kent.ac.uk/52387/>
- Duessa, Getachew, Tasama Ta'a and Deressa Debu (2024) "The Struggle for Searching of Afaan Oromo Alphabet (Qubee) and the Contribution of Haile Fida" *Global Journal of Arts and Social Sciences*, 5(4).
- Fadil Abagidi and Mulugeta Tsegai (2024). "Language Policy in Ethiopian Education System: Computing Assumptions and Practices." *Universal Journal of Educational Research*12(2), 35-48.
- Fairclough, N. (2003). *Analyzing Discourse: Textual Analysis for Social Research*. London: Routledge.
- Fairclough, N. (1995). *Critical Discourse Analysis: The Critical Study of Language*. London: Longman.
- Fairclough, N. (1989). *Language and power*. London: Longman.
- Fayisa Demmise, (1996). "Historical Challenges in the Development of the Oromo Language and Some Agenda for Future Research." *Journal of Oromo Studies*, 3 18-27.

- Gammachuu Magarsaa (2023). "Ayyaanni maali? Oromummaan hoo? OBS Television, May 28, 2023.
- Getachew, A. and A. Derib (2006) "Language Policy in Ethiopia: A History", *Ethiopian Journal of Education and Science* 2(1): 37–62.
- Ginbar Negara (2018). "Gada Values of Environment" In *Gadaa Journal/Barrulee Gadaa*, 1(2):56-75.
- Government of Ethiopia (1994) Education and Training Policy, Addis Ababa: Federal Democratic Republic Government of Ethiopia.
- Hall, K. and Bucholtz, M. (2005). "Identity and interaction: a socio-cultural Linguistic approach", In *Discourse Studies*. London: Sage Publication.
- Hinton, L., Huss, L. and Roche, G. (2018: 54), "The Routledge Handbook of Language" Revitalization: Routledge Press.
- Jeilan Aman (2025). "Investigating quality education in mother tongue: Ensuring children's right to access and equity schooling" 12(1):1-18.
- Jeffe, A., Androutsopoulos, J., Sebba, M. and Johanson D. (eds). (2012). "Orthography as a social practice: Script, spelling, identity and power, in *Journal Language as a social practices*" Retrieved from <https://www.academia.edu>.
- Kaur, K.T. and Kaur, G.T. (2020). "Mother Tongue as Medium of Learning: Demand for English Medium Education in Punjab" In *An International Peer Reviewed Refernced Research Journa*, 7(28):124-126
- Webb, V., & Kembo-Sure (2000). *African Voices: An Introduction to the Languages and Linguistics of Africa*. Oxford University Press.
- Khatoom, Z. D. (2012). "A case for Mother tongue education. Unpublished PhD dissertation: University of the Western Cape.
- Kidd, W. (2002). *Culture and identity*. New York: Palgrave. UNESCO. 2010. Educational for All: Global Monitoring Report. Paris: UNESCO
- Kwon, W, Clarke, I. and Wodak, R. (2013) Micro-Level Discursive Strategies for Constructing Shared Views around Strategic Issues in Team Meetings, *Journal of Management Studies* doi: 10.1111/joms.12036, John Wiley and Sons Ltd.
- Laine, P. M., and Vaara, E. (2007) "Struggling Over Subjectivity: A Discursive Analysis of Strategic Development in Engineering Group", *Human Relations* 60(1) 29–58.,
- Larski, Z (2000), "Examination - An important element in education." In *Journal of Medyvyma Weterynia* 56(6):403-408.
- Léglise, I. and Alby, S. (2006). "Minorization and the process of (de)minoritization: the case of Kali'na in French Guiana." *International Journal of the Sociology of Language* 18(2):67-86
- Mahaadi Amiid Muddee (1995). *Oromoo Dictionary. English-Oromoo*. Vol.1 Atlanta, Georgia: Sagalee Oromoo Publishing co.
- Makuria Bulcha (1994). "The Language Policy of Ethiopia Regimes and the History Written Afaan Oromo: 1884-1994. *Journal of Oromo Studies*. 1(9):1-15
- Mitikkuu Deebisaa (2017) "Afaan Oromoo akka Afaan Baatti 1991 booda: Milkaa'inaafi Danqalee". Waraqaa hinmaxxansamin. rnoota
- Mohammed Hassen (1993) "The growth of Written Oromo Literature." in the Proceedings of *Oromo Studies Association*. University of Tronton.
- Morales, S. r. and Morales, S. R, (20021). Notes on Minoritization Discussion and Conversations, in ReseachGate. Retrieved from <http://www.researchgate.net/publication/351435289>

- Mwaniki, M. (2014) “Mother Tongue Education in Primary Teacher Education in Kenya: a Language management Critique of the quota system” in *Journal Multilingual Education* (4)11. Retrieved from <http://www.multilingual-education.com/content/4/1/11>
- Povova, E. (2012). Self and Other Representations in Contemporary Russian Discourse on Migration. The University of Edinburgh: Unpublished PhD Deseertation.
- Seidle K. and Moritz, J. (2013) “Changes in Ethiopia’s Language and Education Policy – Pioneering Reforms?” In Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies, ed. by Svein Ege, Harald Aspen, Birhanu Teferra and Shiferaw Bekele, Trondheim.
- Seidel, K. and J. Moreitz (2009) ‘Changes in Ethiopia’s Language and Education Policy: Pioneering Reforms?’ in S. Ege, H. Aspen, B. Teferra and S. Bekele (eds) Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies: 1125.
- Sgall, P. (1987). Towards and theory of phonemic orthography” In *Journal of Orthography and Phonology*. 35(5):459-474,
- Tadese, Bariso (2018). “The Oromoo Gadaa System: Why Considered Democratic?” In *Gadaa Journa/Barruulee Gadaa*, 1(1) Retrieved from <https://www.ju.edu.et/gj>.
- Tamene Bitima (2000). *A Dictionary of Oromo Technical Terms: Oromo-English*. Berlin: RudigerKoppe Verlag Kolin.
- Tesfaye Tolessa. (2019) “A History of Oromo Literature and Identity Issues.1840s-1991”. Addis Ababa University. 335-336.
- Tilahun Gamta (1995). *Oromo-English Dictionary*. Addis Ababa, Addis Ababa. University Press.
- Tilahun Gamta (1993) “Qubee Afaan Oromo: Reasons for Choosing the Latin Script for developing an Oromo Alphabet”. *Journal of Oromo Studies*. 1: 36-43.
- Tupas, T. R. (2023). The new challenges of the mother tongueThe Future of the Philipine PostcolonialLanguagePolitics” in *Kritika Kultura* 10(4):108121S
- United Nations Human Rights Council. (2020). Education, language and the human rights of minorities. Report of the Special Rapporteur on minority issues. Retrieved from <https://www.ohchr.org/en/documents/thematicreports/ahrc4347-education-language-and-human->
- Vaara, E., Palli, P. and Sorsa, V. (2010). On the force potential of strategy texts: a critical discourse analysis of a strategic plan and its power effects in a city organization. *Organization*, 17(6) 685-702.
- Van Dijk, T. A. (2008). *Discourse and context: A Socio-cognitive approach*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Van Dijk, T. A. (2006). Discourse and manipulation. In *Book of Discourse and Society*, 17, 359-383 Van
- Van Dijk, T. A. (ed.). (1997). Discourse as Structure and process: A Multidisciplinary Introduction, In *Discourse studies*, 12 (4), 254-73.
- Van Leeuwen, T. (2008). *Discourse and practice: new tool for critical discourse analysis*. Oxford: Oxford University Press.
- Vujcich, D. (2013). “Policy and Practice on Language of Instruction in Ethiopian Schools Findings from the Young Lives School Survey”
- Wandimu Tegegn (2019) “The Politics of Qubee in Ethiopia: Rationales and criticisms on the adoption of Qubee as an official orthography of Afaan Oromo writing.” *Gadaa journal/barruulee Gadaa*. 2(8).

- Wodak, R. and Reisigl, M. (2001). *Discourse and Discrimination: Rhetoric of Races and Anti-Semitism*. London: Routledge.
- Wodak, R. (2001). "The discourse-historical approach," in Wodak, R. and Meyer, M. (eds.), *Methods of Critical Discourse Analysis*, 63–95. London: Sage publication.
- Foucault (1970)
- Wodak, R. Rudolf de C., Martin R. and Karin L. (2009). *The discursive construction of national identity*. 2nd (edt.), Edinburgh: Edinburgh University Press Ltd.)
- Yosef, Tadese. (2016). "The discursive construction of Identity: the case of Oromo in Ethiopia" (MA Theses). Norwegian University of Life Science.
- Záhořík, J., Wonduwesen Teshome. (2009.) "Debating language policy in Ethiopia", *Asian and African Studies*, 18(1): 80-102, <https://www.researchgate.net/publication/289689479>
- Zelean Leyew (2010). "Asymmetrical representation of gender in Amharic grammar." *Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities*, (7), 1 and 2:71-109.